# XIINXALA QABIYYEE AF-WALALOO WEEDDUU WAARISIISAAFI ARRABSOO CIDHA OROMOO TUULAMAA GODINA ADDAA OROMIYAA NAANNAWA FINFINNEE AANAA WALMARAA

**DIRRIBEE BAYEECHAA DAADHII**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOOLLEEJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANOTAA JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO OG-BARRUUFI FOOKLOORII**

**SADAASA 2014/2021**

**FINFINNEE**

# XIINXALA QABIYYEE AF-WALALOO WEEDDUU WAARISIISAAFI ARRABSOO CIDHA OROMOO TUULAMAA GODINA ADDAA OROMIYAA NAANNAWA FINFINNEE AANAA WALMARAA


**DIRRIBEE BAYEECHAA DAADHII**

**GORSAAN: Dr. XILAAHUUN TALIILAA**


**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOO BARSIISUUF GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOO OG-BARRUUFI FOOKLOORIITIIF DHIYAATE**


**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOOLLEEJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANOTAA JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO OG-BARRUUFI FOOKLOORII**



**SADAASA 2014/2021**

**FINFINNEE**

**Yuunivarsiitii Addis Ababaa**

**Dhaabbata Qorannoo Digrii Duraatiin Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digrii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi og-barruun guuttachuuf Dirribee Bayeechaatiin mata duree Xiinxala Qabiyyee Af-walaloo Weedduu Waarisiisaafi Arrabsoo cidhaa haala qabatama Oromoo Tuulamaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee Aanaa Walmaraatti qophaa’ee sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa’e guteera.

KOREE QORMAATAA

Gorsaa______________________________Mallattoo__________Guyyaa__________

Qoraa Keessaa _______________________Mallattoo__________Guyyaa__________

Qoraa Alaa__________________________ Mallattoo_________Guyyaa__________

________________________________________________________________________

Itti gaafatamaa mummee yookaan waliitti qabaa sagantaa digrii lammaffaa (MA).

# Galata

Jalqaba irratti yeroo kanatti akkan haala jiruufi jireenyaa hedduu keessa darbee as ga'uuf kan na gargaare uumaa waan hundumaa kan ta'e Waaqayyoof galanni haata'u.

Kanatti aansuun yeroo isaa aarsaa gochuun osoo na hinuffiin gaaffiin gaafadhuuf deebii kan naaf laate, haalan itti hojjadhu deeggarsa oggummaa kan naaf laateefi na qajeelche, yeroon waa gaafachuuf bilbiles kan yeroo hinqabu jedhee na hinqaanessine gorsaa koo Dr. Xilaahuun Taliilaaf galanni koo guddaadha; gargaarsa naaf gootaniif Waaqayyo alaa manatti isin yaa eebbisu.

Itti aansuun yeroon ani barumsa gannaatiif deemu ijoolleefi qe'ee koo nuffii malee akkan ani hinyaaddofne kan naaf eegde, yeroon qorannoo kana gaggeessus yaadaan kan na deeggarte abbaa manaa koo Alamuu Margaa Waaqayyo umrii dheeraafi fayyaa siif haakennu galatoomi.

Kana malees yeroon qorannoo kana barreessu kan na jajjabeessaniifi yeroon dadhabe kan naaf barreessan ijoolee koo Anaatolii Alamuu, Namarraa Alamuufi Olii Alamuu eebbifamaa guddadhaa.

Dhuma irratti namoota odeeffannoo qorannoo kannaaf naaf kennan hundaaf keessattuu af-walaloo sirba waarisiisaa, kan guyyaa cidhaafi arrabsoo darbaa dabarsaan iyyaafachuun akkan walitti qabadhu kan gahee olaanaa qabdu Daansee Maraciitiin galatoomaa naaf jiraadhaan isiniin jedha.

# BAAFATA


Ibsa Suraawwanii ..... iv

Ibsa Caatoo ..... v

Axeereraa ..... vi

Hiika Jechootaa ..... vii

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ..... 1

1.1 Seen Duubee Qorannichaa ..... 1

1.2 Ka’umsa Qorannichaa ..... 3

1.3 Gaaffilee Qorannichaa ..... 3

1.4 Kaayyoo Qorannichaa ..... 4

1.4.1 Kaayyoo Gooroo ..... 4

1.4.2 Kaayyoo Gooree ..... 4

1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa ..... 4

1.6 Daangaa Qorannichaa ..... 4

1.7 Hanqina Qorannichaa ..... 5

1.8 Haala Waliigala Aanaa Walmaraa ..... 5

BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU ..... 9

2.1 Af-walaloo ..... 9

2.1.1 Afwalaloofi Sirna Keessatti Dhiyaatu ..... 9

2.2 Yaadiddama Qorannichaa ..... 10

2.2.1 Yaadiddama Tajaajilaa ..... 11

2.2.2 Yaadiddama Haalawaa ..... 11

2.3 Qorannoowwan Aantee ..... 12

BOQONNAA SADI: MALA QORANNOO ..... 14

3.1 Saxaxa Qorannichaa ..... 14

3.2 Gosa Qorannichaa ..... 14

3.3 Madda Odeeffannoo ..... 14

3.3.1 Madda Odeeffannoo Tokkoffaa ..... 15

3.3.2 Madda Odeeffnnoo Lammaffaa ..... 15

3.4 Iddattoo Qorannichaa ..... 15

3.4.1 Mala Iddatteesuu ..... 15

3.5 Mala Funaansa Ragaalee ..... 16

3.5.1 Daawwannaa ..... 16

3.5.2 Afgaaffii ........ 16
3.5.3 Marii Garee ........ 17
3.5.4 Dookmantii Sakatta'uu ........ 17
3.6 Mala Qaaccessa Ragaalee ........ 17
BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI HIIKA RAGAALEE ........ 18
4.1 Weedduu Waarisiisaafi Arrabsoo ........ 18
4.1.1 Hirmaattota Weedduu Waarisiisaafi Arrabsoo ........ 18
4.1.2 Hawaasummaa Hirmaattota Weedduu Waarisiisaafi Arrabsoo gidduutti mul'atu . 18
4.1.3 Dhaamsa Weedduu Waarisiisaafi Arrabsoon Darbu ........ 19
4.1.4 FaayidaaWeedduu Waarisiisaafi Arrabsoo ........ 19
4.2 Gosoota Weedduu Waarisiisaafi Arrabsoo ........ 19
4.2.1 Dhaamsa Weedduu Waarisiisaafi Guyyaa Cidhaa Kan Mana Intala Heerumtuu ... 20
4.2.2 Qabiyyee Af-walaloo WeedduuArrabsoo Kan Mana Intala Heerumtuu ........ 35
4.2.3 Dhaamsa Qabiyyee Af-walaloo Weedduu Waarisiisaafi Guyyaa Cidhaa Kan Mana Gurbaa ........ 47
4.2.4 Arrabsoo Mana Gurbaa ........ 56
4.3 Sadarkaa WeedduunWaarisiisaafi Arrabsoon Yeroo Ammaa Irratti Argamu ........ 61
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ........ 62
5.1 Guduunfaa ........ 62
5.2 Argannoo ........ 63
5.3 Yaboo ........ 65
Wabiilee ........ 66
DABALEEWWAN ........ 68

# Ibsa Suraawwanii

Suuraa 1 kaartaa godina addaa oromiyaa naannawa finfinnee ................................................6
Suuraa 2 Abbaafi haadha intala heerumtuu ............................................................................33
Suuraa 3 Hiriyoota intala heerumtuu ...................................................................................34
Suuraa 4 Yeroo hamaamonni gurbaa gara warra intalaatti dhiyaate .....................................43
Suuraa 5 Yeroo jaarsoliin warra intalaa jaarsa warra gurbaa irraa waan fidee dhufe fuudhan45
Suuraa 6 Kennaa gurbaan intalaafi warra intalaatiif fide.......................................................45
Suuraa 7 Yeroo hamaamonni gurbaa warra intalaatti affeeramaa jiran..................................46
Suuraa 8 Hirmaattota weedduu waarisiisaa mana gurbaa.......................................................48
Suuraa 9 Yeroo gurbaan deemuuf ba'u .....................................................................................49
Suuraa 10 Hirmaattota weedduu mana gurbaa .......................................................................51
Suuraa 11 Yeroo gurbaan intala fuudhee ciibsaa ga'u.............................................................53
Suuraa 12 kooraa hiiktiifi hirmaattoota weedduu kooraa hiiktuu...........................................55
Suuraa 13 Miinjolii gurbaa .......................................................................................................56
Suuraa 14 Yeroo gurbaan fuudhee mana ga'u.........................................................................60
Suuraa 15 Mudaayii misirrittii .................................................................................................60

## Ibsa Caatoo

Caatoo 1 Hidda latiinsa oromoo tuulamaa........................................................................... 8

# Axeereraa

*Qorrannoon kun mata-duree "Xiinxala Qabiyyee Af-walaloo Weedduu Waarisiisaafi Arrabsoo Cidha Oromoo Tuulamaa" jedhu irratti kan gaggeeffame yommuu ta'u, bakki itti gaggeeffame Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee Aanaa Walmaraati. Yaadiddamoonni qorannoo kanaaf bu'uura ta'anis yaadiddama tajaajalaafi yaadiddama haalawaati. Sababni isaas faayidaa weedduun waarisiisaafi arrabsoon hawaasa kanaaf qabuufi yoomessa sana keessatti hiika akkamii akka qabu hubachuun barbaachisaa waan ta'eefi. Weedduu waarisiisaafi arrabsoo jechuun kan dargaggoonni hinfuudhiniifi durbi hinheerumiin guyyaa cidhaatiif yeroo torban tokko hafu irraa kaasee galgala galgala mana gurbaafi intalaatti waliin weeddisaa waarisiisaniidha. Ka'umsi qorannoo kanaas, weedduun waarisiisaafi arrabsoon duudhaafi safuu hawaasaa eegee tursiisuun tokkummaa ummata Oromoo cimsu yeroo ammaa kana dagatamaa dhufuu isaati. Kaayyoon qorannichaa qabiyyee weedduu waarisaafi arrabsoo xiinxaluu yommuu ta'u, kaayyoo kana galmaan ga'uuf maddi odeeffannoo qorannoo kanaaf ragaan irraa funaaname madda ragaa tokkoffaadha. Isaanis: hirmaattota weedduu waarisiisaafi arrabsoo, maanguddoota aadaa ummataa beekaniifi hojjattoota Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Walmaraati. Malli iddatteessuu qorattuun itti fayyadamtes mala iddatteessuu mit- carraafi mala iddatteessuu darbaa dabarsaati. Odeeffannoon waltajjii uumamaa irraa af-gaaffii, daawwannaafi marii gareetiin walitti qabame, weedduun waarisiisaafi arrabsoo mana intalaafi mana gurbaa maal akka fakkaatu, adeemsiifi qabiyyeen isaa xiinxalameera. Kunis yeroo cidhaaf torbeen tokko hafu mana intalaafi gurbaatti dargaggoonniifi shamarran walga'uun garee faallaa ta'e arrabsuun, garee isaanii immoo faarsuun waliin waarisiisu.Weedduun cidhaa yeroo waarisiisaa qofa kan gaggeeffamu osoo hintaane hanga guyyaa cidhaatti irra caalaa ho'aa kan itti fufu yommuu ta'u, kan mana intalaafi mana gurbaa ergaa garagaraa qaba.Haala ragaa funaaname irraa hubatameen: kan mana intalaa yeroo waarisiisaa, yeroo hamaamonni dhiyaatan, yeroo hamaamonni ciibsaa ga'an, yeroo ol seenanii nyaata nyaatan, yeroo intala fudhatanii deeman weedduu yoomessa sana of keessaa qabutu dhiyaata.Mana gurbaattis weedduun waarisiisaa,kan gaggeessaa, kan gaggeessaan boodaa, kan simannaa, kan kooraa hiiktuufi kan miinjee ergaa garagaraa qaba. Arrabsoon mana intalaa malee mana gurbaatti yeroo waarisiisaa kan hinjirre yommuu ta'u yeroo gurbaan fuudhee galu faaruu simannaatiin walmakee dhiyaata.Haaluma kanaan weedduun waarisiisaafi arrabsoon aanaa kanaa qabiyyee isaanii irratti hundaa'uun qaacceffamanii hiikamaniiru.Akka argannoo qorannoo kanaatti hirmaattonni weedduu waarisiisaafi arrabsoo dargaggootaafi shamarran bultii hinijaarratin yommuu ta'an hariiroo cimaa gidduu isaaniitti uumuun amala walii isaanii akka hubatan, akkasumas waa'ee walii isaaniillee akka yaadan karaa saaqa. Dhaamsi weedduu waarisiisaafi arrabsoodhaan darbu, jaalala maatii kan hiriyaafi hawaasa naannoo ibsuu, jajjabeessuu, gorsuu, barsiisuu, akeekkachiisuu, dhiibbaa hawaasaa balaaleffachuufi komachuu, gocha badaa safuu hawaasaa cabsu ceepha'uun sirreessuudha. Kanamalees misirroota eebbisuuf, namaafi Waaqatti imaanaa kennachuuf, aadaa hawaasaa cimsuufi guddisuufi hawaasni eenyummaasaatti akka boonu taasisuu irratti gahee olaanaa taphata. Haata'u malee yeroo ammaa kana sababa amantaatiifi guddina teeknooloojiitiin weedduun waarisiisaafi arrabsoon baduuf fiixee irra ga'ee jira. Turtiin waarisiisaa torbee tokko tures gara guyyaa jala bultiitti gadi xiqqaachaa dhufeera. Kanamalees, weedduun cidhaa aadaa hawaasaa ibsu sirboota ammayyaa waraabamaniin bakka bu'aa jiru. Kanaaf qabeenya hawaasaa baduuf ga'e kana hambisuuf qaamni dhimmi ilaallatu marti bu'aasaa labata haaraaf ibsuun shaakalsiisuufi barreeffamaan akka ol kaa'amu godhuu qaba.*

# Hiika Jechootaa

**Jechoonniifi** gaaleewwan armaan gadii qorannicha keessatti kan itti tajaajilaman yommuu ta'u, haala galumsa walduraa duuba qorannicha keessatti qabaniin armaan gaditti hiika isaanii waliin kaa'amanii jiru.

| | |
|---|---|
| A. Burqaan taltaliite | Sirriitti burqite |
| B. Dabaaluu | Waliin deemuu |
| C. Erbachuu | Suphachuu, hodhachuu |
| D. Giraaba | Tabba |
| E. Hurraa | Qoraan qaqal'aa |
| F. Laashoo | Lallaaftuu, bareedduu, kichuu |
| G. Laga labuu | yaa'a lagaa keessa oliif gadi jooruun barbaaduu |
| H. Loollee | Kan beelaan garaan walitti qooqe |
| I. Manduree | Gorroo |
| J. Qaam'ee darbaa | Yeroo ayyaana qaam'ee mana irra naanna'uun qunnii hiruu |
| K. Qoloo | Uffata, daara, huccuu |
| L. Qurcii | Nadaayii, kan qubni harkaafi miilaa irra hinjirre. |
| M. Siiksi | Foorici |
| N. Solloqqee | Holqa, sulula keessa |
| O. Waqarii | Baataa, maxaanaa, farad fe'iisaa |

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Seen Duubee Qorannichaa

Ummanni kamiyyuu durii kaasee aadaa, duudhaa, ilaalcha, falaasamaafi eenyummaa isaa dhalootaa dhalootatti kan ittiin dabarfatu fookloorii mataasaa qaba. Sabni Oromoos fookloorii isaatiin beekumsa, ogummaa, ilaalcha, falaasama, sonaafi duudhaa isaa fookloorii isaatiin labata tokko irraa isa itti aanutti dabarfachaa dhufuun isaa beekamaadha.

Fooklooriin duudhaa hawaasaa (Social folk custom) kan ofkeessaa qabu yoommuu ta'u, yaadakana Malaakneh (2006:8) yoommuu ibsu, "Social folk custome is a group interaction, observances, birth, rituals, initiations, marriage and burial ceremonies, secular and religious festival" jechuun ibsa. Kana jechuun fooklooriin duudhaa haawaasaa, walittii dhufeenya garee hawaasaa, guyyaa dhalootaa, sirna raawwii fuudhaaf heerumaafi raawwii sirna awwaalchaa akkasumas kabaja ayyaanootaafi amantii ofkeessatti akka haammatu ibsa.

Dhalli namaa barreefamaan of ibsuu osoo hin jalqabiin dura og-afaaniin yookiin fooklooriin yookiin fakkiifi bocaan yaada ofii isaa ibsaa ture (Asaffaa, 2009:20). Fooklooriin sabni tokko eenyummaa, amantii, haala jiruufi jireeynaa, heeraafi seera, safuufi falaasama walumaagalattii ilaalcha adunyaa keessa jiruufi qabu og-afaaniin dhalootaa dhalootattii dabarsaa turuun isaa beekamaadha. Gama biraatiin fooklooriin calaqqee aadaati (Dundes, 1965:72).

Hawaasni og-afaaniin muxannoo jiruufi jireenyaa, duudhaa, rakkoo jireenya keessatti isa muudate ittiin ibsata. Kana malees, muxannoo hawaasni dur keessa darbe isa amma jiruuf malli ittiin qaqqabu og-faani. Og-faan aadaa ummata tokkootti lubbuu horee umrii dheeraa akka qabaatu taasisa.

Gosa fookloorii keessaa tokko kan ta'es artiin duudhaa aadaa, safuu, duudhaa, amantaafi ilaalcha ummataa dhalootaa dhalootatti dabarsuu irratti gahee olaanaa qaba. Gosa artii duudhaa kan ta'e sirbi waarisiisaafi arrabsoonis walaloo aadaafi yeedaloodhaan walsimatee bifa haawwataa ta'een aadaa ummatichaa dabarsa.

Yaada kana Finnegan (1976) akka ibsetti af-walaloon hawaasa barreessuufi dubbisuu hin dandeeyne yookiin danda'uuf walaloodhaan qindaa'ee afaaniin kan darbuudha. Yaadrimeen af-walaloo icciitii jiruufi jireenyaa kan ofkeessaa qabu yommuu ta'u, barreefamaan osoo hin taane afaaniin dhaloota tokko irraa isa itti aanuutti daddarbaa as ga'e.

Sirbi waarisiisaafi arrbsoonis gosa weedduu cidhaa yoommuu ta'uu, yoomessa yeroo cidhaatiin alattii hin weeddifamu. Kana malees, weedduun mana gurbaafi mana intalaatti weeddifamu garagara. Qorannoon kunis, sirba waarisiisaafi arrabsoo jalabultiifi guyyaa cidhaa xiinxaluu irratti xiyyeeffachuun kan raawwatameedha.

Sabaafi sablammoota Itoophiyaa keessa jiraatan keessaa sabni Oromoo bal'ina lafaafi baay'ina ummataatiin tokkoffaadha. Ummanni kun lafa bal'aa irra qubachuudhaan kan ka'e naannoo adda addaa keessa haajiraatu malee aadaa, duudhaa, amantaafi seenaa walfakkaatu kan mataa isaa qaba.
Dirribii (2009:16) akka ibsetti, "Ummanni Oromoo wantoota ittiin beekamu keessaa aadaafi amantiin isaa iddoo guddaa qaba" jedha. Kanaaf ummanni kun aadaa, ilaalcha, amantaa, safuufi sona isaa kan ittiin ibsatuufi dhalootaa dhalootatti ittiin dabarfatu afoola isaatiini. Akka yaada armaan oliitti afoolli Oromoo akkaataa ummanni kun durii kaasee addunyaa keessa jiraatu itti hubatu, akkaataa itti ibsuufi amantaa isaa kan hammatuudha. Kunis karaalee adda addaatiin dhalootaa dhalootatti daddarbaa as ga'e.
Okepawo (1992) unka yookiin bifa ittiin dhiyaatan irratti hundaa'udhaan gooroowwan afoolaa raagoo /oral narrative, unka gaggabaabdotaafi walliisaan kan dhiyaatan/ oral poetry jechuun bakka saditti qooda. Gabaasni qorannoo kanaas gooroowwan afoolaa walliisaan dhiyaatan keessaa sirba waarisiisaafi arrabsoo Oromoo Tulamaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee Aanaa Walmaraa xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha.

Sirbi waarisiisaafi arrabsoon weedduuwwan yeroo cidhaa weeddifaman keessaa tokko yoommu ta'u mana intala heerumtuufi gurbaa fuudhuutti cidhaaf guyyaan torba yeroo hafu irraa kaasee hanga guyyaa cidhaatti kan sirbamuudha. Yaada kana Misgaanuun (2011:66) Holcomb (1973) wabeeffachuun yoo ibsuu*, "Girls and boys used to practice their song before wedding in open fields."* jedha. Kuniis osoo guyyaan cidhaa hinga'iin dargaggoonnifi shamarran faaruu addaa ofuumaa isaanitii shaakaluun akka guyyaa cidhaatiif of qopheessan agarsiisa.

Waluumaagalatti qorannoon kun sirba waarisiisaafi arrabsoo akka Oromoo Tuulamaa Aanaa Walmaraatti yeroo ammaa kana maal irra akka jiruufi faayidaa inni ummataaf gama aadaa hawaasaa cimsuufi gahee inni safuu hawaasaa eegsiisuu keessatti qabu gadii fageenyaan xiinxaluun kan hojjatyameedha.

Gabaasni qorannoo kun Boqonnaa Tokko jalatti seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi haala waliigala naannoo qorannichaatu haammatame.

Boqonnaa Lamaffaa keesatti sakkatta'a barruu adda addaatu dhiyaate jira. Boqonnaa Sadaffaa keessatti saxaxa qorannichaa, gosa qoorannichaa, madda oodeffannoo kan akka madda oodeffannoo tokkooffaafi lammaffaa, iddattoowwan qorannichaa, mala iddatteessuu kan akka iddatteessuu mit-carraa kana jalatti iddatteessuu darbaa dabarsaa, meeshaalee oodeffannoon ittiin funaanamu kan akka daawwannaa, af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisaa ta'an keessatti hammatamaniiru Boqonnaa afraffaa keessatti immoo xiinxala ragaalee jalatti maalummaa weedduu waarisiisaafi arrabsoo, hirmaattota weedduu waarisiisaafi arrabsoo, hawaasummaa hirmaattota

weedduu waarisiisaafi arrabsoo gidduutti mul'atu, gosoota weedduu cidhaafi arrabsoo akkasumas dhaamsa weedduu waarisiisaafi arrabsootu bal'inaan keessatti qaacceffame. Boqonnaa shanaffaa keessatti immoo cuunfaa, argannoofi yaboo qorannichaatu keessatti dhiyaate.

## 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Mata-duree tokko irratti qorannoo adeemsiisuuf wantoonni qorataaf ka'umsa ta'an jiraachun dirqama. Gaa'ela kaadhimmachuun raawwatamu keessatti tartiibaan aadaafi duudhaa isaa eeguun seera guutee kan raawwatuudha. Kunis durba ilaallachuu, milkii ilaallachuu kaadhimmachuufi sirnoota guyyaa cidhaa raawwatamu kan ofkeessaa qabuudha.

Weedduun waarisiisaafi arrbsoonis, torban waarisiisaa irraa kaasee hanga guyyaa cidhaatti hiriyootaafi dargaggoota naannoo mana cidhaa jiraniin kan dhiyaatuudha. Haalumma kanaan sirna fuudhaafi herumaa keessati gahee sirbi waarisiisaafi arrabsoon qabu qorannoo kana keessatti sakatta'amuun ibsameera.

Weedduun waarisiisaafi arrabsoon yeroo ammaa kana sababoota babal'achu magaalootaafi amantaatiin walqabatee gara baduutti dhiyaachaa jira. Kanaaf qorannoo kana keessatti faayidaa sirbi waarisiisaafi arrabsoon qabu sakatta'uun tokko tokkoon ibsameera. Kunis ummataaf ibsuudhaan akka xiyyeeffanno argatu kan taasifamu ta'a.

Gama biraatiin dhaloonni dhufu aadaa isaa kana akka hindagannee walaloon sirba jalabultiifi arrabsoo akka Oromoo Tuulamaa Aanaa Walmaraatti walitti qabuun barreeffamee kaa'ameera. Kunis Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Walmaraatiif kan kennamu ta'a. Kanamalees qorataa biraatiif yaada bu'uurraa lafa kaa'uun akka aadaan kun hinbannee taasiisuun gumaacha guddaa qaba.

## 1.3 Gaaffilee Qorannichaa

Gaaffileen qorattuun deebii argachuu qaban jettee murtteessitee qorannoo ishee irratti gaggeessite kanneen armaan gadiiti:

1. Weedduu waarisiisaafi arrabsoo keessatti eenyutu hirmaata?
2. Hawaasummaan hirmaattota weedduu waarisiisaafi arrabsoo gidduutti mul'atu maal fakkaata?
3. Dhaamsi weedduu waarisiisaafi arrabsoodhaan darbu maal fa'i?
4. Faayidaan weedduun waarisiisaafi arrabsoon hawaasaaf qabu maali?

## 1.4 Kaayyoo Qorannichaa

### 1.4.1 Kaayyoo Gooroo

- Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Qabiyyee Af-walaloo Weedduu Waarisaafi Arrabsoo cidhaa haala qabatama Oromoo Tuulamaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee Aaanaa Walmaraatti xiinxaluun ibsuudha.

### 1.4.2 Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa gaaffilee bu'uuraa qorannichaa waliin wal simsiisuun haala armaan gaditti dhiyaateera.

- Hirmaattota weedduu waarisiisaafi arrabsoo agarsiisuu.
- Hawaasummaa hirmaattota weedduu waarisiisaafi arrabsoo gidduutti mul'atu ibsuu.
- Dhaamsa weedduun waarisiisaafi arrabsoon dhaloota haaraaf dabarsu eeruu
- Faayidaa hawaasni weedduu waarisiisaafi arrabsoo irraa argatu addeessuu.

## 1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoo gaggeefamu tokkoo irraa bu'aa heduutu eegama. Af-walaloo Oromoo keessaa tokko kan ta'e weedduun waarisiisaafi arrabsoon gaa'ela Oromoo keessatti baroota hedduuf kan tajaajilaa tureefi beekumsa, aadaafi safuu sabichaa dhalootaa dhalootatti dabarsaa kan tureefi ammas tajaajila kennaa kan jiru ta'uun isaa beekamaadha.

Haaluma kanaan qorannoon kun kan gaggeeffameef qabiyyee af-walaloo weedduu waarisiisaafi arrabsoo Oromoo Tuulamaa Aanaa Walmaraa walitti qabuun xiinxaluun faayidaa inni qabu ifa gochuufi. Kanamalees, sababoota haammayyuummaafi amantaan walqabateen akka hinbanne dhaloota dhufuuf dabarsuufi. Qorannoo kanarraas kallattidhaan fayyadamoo kan ta'an hawaasa Oromo naannoo kanaa, keessattuu labatni dhufuu aadaa saba isaa akka hin daganneef gargaara.

Dabalataaniis ummanni kun aadaafi duudhaa isaatiif kunuunsa gahaa akka godhu karaa bana. Namoota gara fuulduraatti qoraannoo kanaan walfakkaatu gaggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaatti kallattii itti agarsiisa. Dhaloonni ammaas ilaalcha, falaasama, xinsammuufi haala jiruufi jireenya Oromoota dur naannoo kana jiraaraachaa turaniifi amma jiraachaa jiranii akka huubataniifii dinqiisiifatan taasisa.

## 1.6 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu yeroo karoorfameef keessatti akka xumuramu, baasii, human namaafi yeroo ilaalcha keessa galchuun barbaachisaadha. Kanaaf qorannoon kun sirboota cidhaa keessaa qabiyyee af-walaloo weedduu waarisiisaafi arrabsoo mana intala heerumtuufi gurbaa fuudhuu xiinxaluu irratti kan xiyyeeffateedha. Sirboota yeroo cidhaa sirbaman mara irratti qorannaa

adeemsisuuf yeroo dheeraa, baasii guddaa, humna namaa baay'ee waan nama gaafatuuf qorannoon kun haala kanaan daangeffamee gaggeeffamee jira.

Haaluma walfakkaatuun hawaasni Oromoo Tuulamaa garmalee baay'eefi Godinaalee akka Shawaa Kaabaa, Shwaa Bahaa, Shawaa Lixaafi Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee keessatti lafa bal'aa irra qubatee kan argamuudha. Qorannoo kanas godinaalee hunda keessatti gaggeessuun rakkisaadha. Kanaaf qorattuun qorannoo kanaa qorannoo isheef Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee akka iddattootti filachuun, aanota godina kana keessa jiran keessaa immoo Aanaa Walmaraa akka iddattootti filattee jirti.

### 1.7 Hanqina Qorannichaa


Adeemsa qorannoo tokkoo keessatti hanqinaaleen qorataa mudachuu danda'an heeddutu jiru. Isaanis, yeroo gahaa dhabuu, rakkoo maallaqaafi leecalloo, rakkoo geejjibaafi bakka bultii, odeeffannoo keennitoonni eeyyamamoo ta'u dhabuufi yeroon argamuu dhiisuu, gorsaadhaan yeroo barbaadametti walarguu dhabuufi namoonni suuraafi sagaleen isaani akka waraabamu eeyyamamoo ta'uu dhabuu fa'i.

Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti hanqinaaleen qorattuu kana mudatan: namoonni odeeffannoo kennuuf filataman yeroo barbaadamanitti argamuu dhiisuu, ragaalee suuraan fudhataman irratti eeyyamamoo ta'uu dhabuu, mana cidhaa sirna guutuu qabu argachuun rakkisaa ta'uufi sababa dhibee Koronaatiin yeroo barbaadametti gorsaan walarguu dhabuudha.


### 1.8 Haala Waliigala Aanaa Walmaraa

Aanaan kun aanota adda addaatiin kan daangeffamu yommuu ta'u, Kaabaan Aanaa Muloofi Ada'aa Bargaatiin, karaa kibbaatiin Sabbataa Hawaasiifi Ejereedhaan, karaa Bahaatiin Sulultaafi Magaalaa Buraayyuutiin, karaa dhiyaatiin immoo, Aanaa Ejereetiin daangeffama.

## Kaartaa Naannoo Qorannoon Itti Gaggeeffamee




**SUURAA 1 KAARTAA GODINA ADDAA OROMIYAA NAANNAWA FINFINNEE**




**SUURAA 2 KAARTAA AANAA WAL**

Akka ragaa Waajjira Bulchiinsa Aanaa Walmaraa irraa argameetti aanaan kun akka aanaatti kan hundeeffamte akka lakkoofsa Itoophiyaatti bara 1967 yommuu ta'u,  akka maanguddoonni aanaa kanaa Obboo Taaddasaa Dagafuu,,Obboo Taarikuu Dureechaafi Obboo Kumsaa Urgaa ibsanitti aanaan kun maqaa Walmara jedhu kana kan argatte  bara durii hawaasni Oromoo naannoo kanaa horii baay'inaan waan horsiisaniif tiksoonni horii isaanii eeguuf bobba'an dirree bal'aa aanaa kana keessa jiru irratti walga'anii waan taphataniif, "Iddoo ijoolleen itti walmaran" jedhamaa akka tureefi adeemssa keessa Walmara akka ta'e ibsu.

Aanaa kana keessa iddoowwan hawwatoo ta'aniifi daawwataman kan akka Bosona Suubbaa, Paarkii Born Free, Masaraa Mootii Minilik, Fincaa'aa laga Hoolataa, gaarren akka Hococaa, Eegduu, Waatoo Daalachaafi Foo'ataas keessatti argamu. Kanamalees, gaarreen kana jalaa kan maddan laggeen akka Hoolataa, Bargaafi Qabii ummata aanichaaf tajaajila adda addaa kennaa jiru.

Haalli qilleensa aanaa kanaa baddaan (61%) yommuu ta'u, baddadareen immoo (39%) akka ta'e ragaan Bulchiinsa Aanaa Walmaraa irraa argame ni mirkaneessa. Kunis kan agarsiisu aanaan kun gammoojjummaa kan of keessaa hinqabneefi teempireecharri isaa ($6^0$c-$27^0$c) kan ta'eefi jireenya dhala namaatiif mijataa ta'uu isaati.

Aanaa kana keessa hawaasni Oromoo Tuulamaa baay'inaan haajiraatu malee, sabaafi sablammoota hedduutu keessa jiraata. Akka ragaa lakkoofsa manaafi ummataa bara 1999 taasifameetti baay'inni ummmata aanaa kanaa dhiira (50,708), dubartii (74,807) waliigalatti namoota (125,515) tu jiraata.Hawaasa aanaa kana keessa jiraatan keessaa qonnaan kan jiraatan (94.7%), daldalaan kan jiraatan (4%), hojjettoonni mootummaafi dhuunfaa (1.24%) yommuu ta'an kanbiroo immoo (4.02%) ta'u.

Midhaan aanaa kana keessatti oomishamu: garbuu, qamadii, xaafii, atara baaqela, shumburaa gaayyoo, missira yommuu ta'u midhaan gabaaf oomishaman kan akka talbaafi nuugii bal'inaan argamu. Kudraaleefi muduraaleen qilleensa Kanaan walsimanis aanaa kana keessatti ni oomishamu.Horsiisa beeyladootaa ilaalchisee horiin gaanfaa, bushaayee, horii geejjibaafi lukkuuleen bay'inaan horsiifamu. Dabalataanis namoonni kanniisa mala aadaafi ammayyaatiin horsiisanii jireenya isaanii ittiin gaggeeffatan ni jiru.

Kanamalees, warshaaleen akka warshaa simintoo, kan jibsamii, kan ispoonjii, qonna abaaboo, kan pilaastikiifi kan bishaan albuudaafi kkf aanaa kana keessatti waan argamaniif namoonni hedduun warshaalee kanneen keessatti mindeeffamuun jiruu isaanii gaggeeffatu.


Ragaa qorattuun kun Abbootii Gadaa Aanaa Walmaraa kan ta'an Obboo Geetaachoo Badhaadhaafi Obboo Biraanuu Urgaa'aa akkasumas hayyuu aanaa kanaa kan ta'an Obboo Zagayyee Bayeechaa irraa argatteefi caatoo BATOn "Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa" jedhu irratti dhiyeesse

walbira qabuun hawaasni Oromoo Tuulamaa aanaa kana keessa jiraatu gosaafi balbalaan haala armaan gadiitti dhiyaatee jira.

Hidda Daaccii jalatti ja'an Galaan keessaa damee Adaaa kan ta'an Handa, Iluufi saddeettan Dhakkuu keessaa Aggootaa akkasumas Jidda jalatti ilmaan Dooyyoo kan ta'an shanan Illaamoo keessaa Abbichuutu keessa jiraata. Gama biraatiin kan kitaaba kana irratti hin ibsamneefi maanguddoonni kun ibsan torban Ooboo jalatti kan ramadamu gosti Badii jedhamu aanaa kana keessa jiraachuu isaati.

Hidda Bachoo keessaa immoo, Iluu, Waajituu, Keekku, torban Garasuu keessaa Maallimaafi Liiban, arfan Makafataa keessaa Barfata akkasumas saddeettan Meettaa keessaa Kuyyuu, Suubbaafi Siibaatu keessa jiraata. Jahan Bachoo keessaa aanaa kana keessa kan hin jiraanne Uru yommuu ta'u, innis quxusuu waan ta'eef akka warra hangafaaf iddoo gadi dhiisee gara Shawaa Kaabaatti siqee Ejersa Gooroo keessa baay'inaan qubatee jiru kitaabni kun ibsee jira.

Tuulama Sadan




**CAATOO 1 HIDDA LATIINSA OROMOO TUULAMAA**

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2.1 Af-walaloo

Af-walaloon afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbu yoo ta'u, qabeenyummaan isaa kan hawaasaati.Kana malees, afwalaloon yeroofi iddoodhaan akkasumas akkuma dandeettii nama dhiyeessuu sanaatti garaagarummaa uumuu danda'a. Afwalaloon Oromoo walaloo sirba aadaa, walaloo weedduu ateetee, walaloo faaruu loonii, walaloo geerarsaa, walaloo tapha ijoollee, walaloo sirba tikseefi kanneen kan fakkaatan of keessaa qaba. Kan yeedaloo faana darban kan akka weedduu jaalalaa, kan cidhaa, kan geerarsaa, kan ateeteefi kkf yommuu ta'an, kan yeedaloon isaanii ifatti hinmul'anne immoo, kanneen akka oduu durii hiibboofi mammaaksa fa'i.

Fedhsaa (2013:49) akka ibsetti, afwalaloon oromoo bakka gurguddoo torbatti qoodamu. Isaanis, geerarsa,sirba,weedduu,faaruu, eebbaafi abaarsa,gungummiifi tabaalliidha.Misgaanuu (2011:59) irrattis yaada kana deeggaruun, "Gosoota ogafaan Oromoo keessaa kan afwalalummaa of keessaa qaban:geerarsa,weedduu jaalalaa,weedduu seenaa, weedduu siyaasaa,weedduu cidhaa,weedduu ateeteefi weedduu dabooti" jedha.

Afwalaloofi barwalaloo kan adda baasan ulaagaalee gurguddoo saditu jiru. Isaanis: qindeeffama, akkaataa lufummaafi hurruubbii isaati.kana jechuunis afwalaloon hundi qindeeffamni isaanii afaaniin haata'u malee guutumaa guutuutti walfakkaatu jechuumiti (Finnegan, 1976:17). Afwalaloon guddina barwalalootiif gumaacha guddaa godha. Gama biraatiin afwalaloon beekumsa hammaaramee hindhumne kan hawaasa keessa jiru of keessaa qaba (Finnegan, 1976:19).

Afwalaloon Oromoos akkuma firiiwwan afoolaa kanneen biroo seenaa,aadaa, duudhaa,falaasama,ilaalchaafi amantaa ummatichaa yeedaloon miidhgsee dhalootaa dhalootatti dabarsuu irratti gahee guddaa qaba.Afwalaloon yeroo irraa kan bilisa ta'eefi dhimma yeroo kan akka jijjiirama siyaasaa wajjiin kan walhinqabanne yeroo kamiyyuu akka barbachisaa ta'etti sirbamaafi faarfatamaa kan jiraatudha.Haalli kunis akka inni hindagatamne kan taasisuufi dhalootaa dhalootatti kan darbu ta'uusaa agarsiisa ( Finnegan1976:18).

### 2.1.1 Afwalaloofi Sirna Keessatti Dhiyaatu

Gosoonni afwalaloo Oromoo hedduu yommuu ta'an isaanis haala adda addaa keessatti dhiyaatu. Ummanni Oromoo yommuu geeraru, yommuu sirboota aadaa sirbu, yommuu waaqeffatu afwalaloo adda addaatti dhimma ba'a. Akkuma haalli keessatti dhiyaatu garagara ta'e, haalli itti dhiyaatus garagara. Kana jechuun haalli qindaayina yeedaloofi sochhiin qaamaa taasifamu garagara. Fakkeenyaaf ummanni Oromoo naannoo bal'aa irra qubatee waan jiruuf akkaataan inni itti geeraru, akkaataan itti shubisuu, itti ragadu, itti dhiichisu, akkaataan shaggooyyeefi tirrii itti taphatuufi akkaataan itti faarfatu garaagarummaa qaba.

Haala keessatti dhiyaatu ilaalchisee, afwalaloon hunduu yoomessa mataa ofii qabu. Fakkeenyaaf faaruun booyichaa mana warra du'aatti, weedduun cidhaa mana cidhaatti, geerasi mana daboofi mana cidhaatti, urursi daa'immanii daa'ima booche sossobuuf,taphni ijoollee dirree yookiin manatti yeroo ijoolleen boqonnaa qabdu, faaruun ateetee yeroo ateetee bulfatan,faaruun loonii yeroo daboofi yeroo cidhaafi kanneen kana fakkaatan haala keessatti dhiyaatan kan mataa ofii qabu.

#### 2.1.1.1 Weedduu Cidhaa

Ummanni Oromoo cidha kaadhimmachuun raawwatamu keessatti adeemsaafi sirnoota keessa darbu qaba. Dura gurbaan intala fuudhuu barbaade erga ilaallatee booda maatii isaatti himata. Maatiin gurbaa immoo jaarsolii hawaasa biratti fudhatama qaban filachuun gara warra intalaatti ergatu. Yeroo jaarsoliin gara warra intalaa deemanis milkii ilaallachaa deemu. Akka aadaa hawaasa naannoo qorannootti yeroo jaarsoliin gara warra intalaa deeman, yoo sardiidni isaan qaxxaamurte, yoo qoreen isaan waraante, yoo dubartiin hubboo duwwaa baattee isaanitti dhufte, harraagessi tokko qofti yoo afoo isaanii dhufte, yoo namni reenfa baatu isaanitti dhufe milkiin sun gaarii miti jechuun gara mana isaaniitti deebi'u.

Yoo dubartiin hubboo guutuu baatte, dubartiin ulfi ykn kan daa'ima qomatti baatte, namni bidden masoobiitti baate itti dhufe garuu akka milkii gaariitti lakkaa'uun gammadaa dhaqu. Erga warri intalaa eeyyamaniifii booda saddeeta qabatanii guyyaa cidhaa mmurteessu. Guyyaa cidhaatiif yeroo torban tokko hafu irraa kaasee weedduu cidhaa adda addaatu tartiiba isaa eegee dhiyaata.

Weedduun cidhaa weedduu kaan irraa kan adda isa taasisu, sirna cidhaa keessatti kan raawwatuufi qabiyyeen isaas fuudhaafi heeruma irratti kan xiyyeeffatu ta'uu isaati. kana malees, ergaa dabarsu, haala sochii qaamaafi yeedalootiin walqabateen weedduun mana gurbaa fuudhuufi intala heerumtuu garagara. Fakkeenyaaf weedduun mana intalaa fira warra intalaa jajjabeessuufi intala heerumtu gorsuu irratti akka xiyyeeffatu Shwaayyeefi Fireehiwoot (1999:456) irratti ibsameera.

Kana malees weedduun cidhaa osoo guyyaan cidhaa hinga'iin dargaggoonnii fi shamarran ofumaa isaanitii shaakaluun kan guyyaa cidhaatiif of qopheessaniidha. Bakki shaakalliitifii yeroon itti shaakalanis kan itti yaadamee qophaa'e osoo hintaane bakka qoraan itti cabsan, lafa horii itti tiksan ykn naannoo mana jireenyaa ta'uu danda'a. yaada kana Misgaanuun (2011:66) Holcomb (1973) wabeeffachuun yoo ibsu "*Girls and boys used to practice their song before wedding in open fields .*" jedha.

## 2.2 Yaadiddama Qorannichaa

Sakatta'a barruu keessatti qabxiin ka'uu qabu inni biraan yaadiddama qorannichi irratti gaggeefamuudha. Gosa qorannoo kam keessttuu yaadiddamni gahee olaanaa qaba. Akka Fileen (2016:46) ibsetti, yaadiddama mata-duree tokko waliin walitti dhufeenya qabu filachuun kallattii

qorannoo itti agarsiisuufi malleen qorannoo barbaachisaa ta'an filachuuf, yaada adda addaa walbira qabanii madaaluuf, qeequuf, sakatta'a barruu filachuuf, kaayyoo qorannoo tokkoo galmaan ga'uuf murteessaadha.

Yaadiddamoonni qorannoof oolanis: yaadiddama bocummaa, yaadiddama seenaa, yaadiddama caaseffamaa, yaadiddama aadaa heddee, yaadiddama deebisanii ijaaruu, yaadiddama haalawaa, yaadiddama tajaajilaa, yaadiddama ga'umsaafi sanyaabsaati.

Yaadiddamoota kanneen keessaa mataduree qorannoo ibsaa waliin kan deemu yaadiddama tajaajilaafi yaadiddama haalawaa waan ta'eef qorattuun kun bu'uura qorannoo ishee taasifattee jirti.

### 2.2.1 Yaadiddama Tajaajilaa

Yaadiddamoota fookloorii qorachuuf gargaaran keessaa tokko yaadiddama tajaajilaa akka ta'e Simsfi Stephens (2005:174) ibsaniiru. Akka yaadiddama kanaatti afoolli tokko faayidaan inni ummataaf qabu maali? Yaada jedhu irra dhaabatee qoratamuu qaba. Yaadiddamni kun kan bu, uureffame barataa Melville Herskovits kan ta'e nama William Bascom jedhamuuni. Akka yaada Bascomitti afoolli adda addaa faayidaa adda addaa ummataaf kennu irratti hundaa'ee qoratamuu qaba.

Kana jechuunis fakkeenyaaf mammaaksi murtii seeraa kennuuf, gorsuuf, akeekkachiisuuf, sirreessuuf, komachuuf, jajjabeessuufi kkf.kan tajaajilu yommuu ta'u hiibboon dhugaa qaruufi hawaasa naannoo tokko jiraatu saalaan, umriidhaan, sadarkaa jireenyaatiin (social class) adda baasuun beekuuf gargaara. Durduriin immoo amala sirreessuufi safuu hawaasaa eegsisuuf waan baramoo ta'an jechoota hawaasni beekutti fayyadamuun bashannansiisaa ergaa dabarsa, ni barsiisa, ni akeekkachiisa.

Afoolli adda addaa faayidaa adda addaa akka qabu qorannoo isaa keessatti adda durummaan kan itti fayyadame William Bascom yommuu ta'u, afoolli tokko faayidaa isaatiin ala yoo ilaalame hiika qabaachuu hidanda'u jedha.

Kanaaf qu'annoon afoolaa gama faayidaa isaatiin gaggeeffamuu qaba jedha. Faayidaan kunis barsiisuu, miliqsuu, murtii dabarsuu, jajjabeessuu, dhugaa qaruufi kan kana fakkaatan akka ta'e ibsee jira. Haaluma kanaan qorannoon kana keessattis tajaajila weedduun waarisiisaafi arrabsoon hawaasa Oromootiif kennu Yaadiddama kana irra dhaabachuun xiinxalamee lafa kaa'amee jira.

### 2.2.2 Yaadiddama Haalawaa

Dayeessi kun yaadrimeen afoolaa kan jiru wanta dhiyaatu sana keessa osoo hitaane, yoomessa hurruubummaa sana keessa jira jedha. Yaadiddama kana deeggaruun Dorson (1972:45) yoo ibsu, *"The folklore concept applies not to a text but to an event in time in which a tradition is performed or communicated"* jedha.

Akka yaadiddama kanaatti afoolli tokko hiika qabeessa kanta'u yoomessa sana keessatti yeroo adeemsifamaa jiru akkaataa raawwii isaafi miira hurruubdotaa irraa waa hubachuun qofa akka ta'eedha. Knis wanti jechaan ibsamuu hindanda'amne kan miira hurruubdotaa irraa dubbifaman hedduun waan jiruufi.

Kana malees bakkii fi haalli afoolli sun keessatti adeemsifamu mataansaa hiika guddaa qaba. Afoolli tokko iddoofi haala isaatiin ala yoo dhiyaate miira namaatti hintolu. Fakkeenyaaf weedduun cidhaa mana cidhaatti weeddifamuufi kan mana cidhaatiin alatti weeddifamu hiika walqixa ta'e hiqabu. Qorannoo kanaafis odeeffannoon afaaniin qofa argamu gahaa waan hintaaneef yaadiddamni kun barbaachisaa ta'eera.

## 2.3 Qorannoowwan Aantee

Qorannoon qorattuu kanaa kan adeemsifame xiinxala qabiyyee weedduu waarisiisaafi arrabsoo cidha Oromoo Tuulamaa Naannawa Finfinnee Aanaa Walmaraa irratti yommuu ta'u, qorannoowwan kanaan dura hojjetaman kanneen mataduree qorannoo kanaatiin walitti dhufeenya qaban sakatta'amanii haala duraaduuba adeemsa qorannoofi qaaccessa ragaalee irratti muuxannoon irraa fudhatameera. Qorannooleen kunniinis kanneen armaan gadiiti:

Tokkoffaan qorannoo Seefuu Gaaddisaa Ergee (Hagayya 2008) mataduree, "Qaaccessa Weedduu Arrabsoo Fuudhaafi Heerumaa Godina Shawaa Lixaa Aanaa Amboo" jedhuraatti qopheessedha. Walitti dhufeenyi qorannoolee kana lamaanii adeemsa kaadhimmatanii fuudhuu keessatti sirna raawwiifi qabiyyee arabsoo mana intalaafi gurbaa xiinxaluu irratti xyyeeffachuu isaaniiti. Kanamalees, akkaataan qabiyyeen weedduu arrabsoo gosa gosaan qoqqoodamee itti qaacceffame walitti dhiyaata.

Garaa garummaan qorannoolee kana gidduu jiru immoo, qorannoon qorattuu kanaa arrabsoo qofa osoo hintaane weedduu waarisiisaafi guyyaa cidhaas of keessatti hammachuu isaati. Gama biraatiin, qorannoo Seefuu Gaaddisaa keessa kan jiru weedduun gundoo booree, ansoosilleefi weedduun sabbata hiikuu qorannoo qorattuu kanaa keessatti hin ibsamne. Sababni isaas, Seefuun kan qorate aanaa Amboo irratti yommuu ta'u qorattuun kun aanaa Walmaraa Oromoo Tuulamaa irratti hojjette. Weedduun kun immoo aanaa kanatti beekamaa miti.

Lammaffaa irratti qorannoon qorattuun kun ilaalte kan Olaanii Fayyisaa Gammadaa (Hagayya 2009) mataduree, "Xiinxala Unkaafi Qabiyyee Faaruu Naqataa Godina Horroo Guduruu Wallaggaa Anaa Jaardagaa Jaartee" jedhu irratti qopheessiteedha.

Walfakkeenyi qorannoolee kana lamaanii duraaduuba raawwiifi qabiyyee faaruufi arrabsoo mana gurbaafi intalaa kan jala bultiifi guyyaa cidhaa irratti adeemsifamuu isaati. Dabalataanis, haalli duraaduuba adeemsa qaaccessa ragaalee walitti kan dhiyaatuudha.

Garaa garummaan jiru immoo qorannoon Olaanii qorannoo qorattuu kanaa keessa kan hinjirre arrabsoon jala bultii mana gurbaa ibsamee jira. Akka aanaa qorattuun kun irratti qoratteetti garuu waarisiisaa irratti arrabsoon kan jiru mana intalaa malee mana gurbaa miti. Kanamalees faaruun ansoosillee, mararoofi gundoo booree aanaa qorannoon irratti adeemsifame keessa waan hijirreef hin ibsamne.

Sadaffaa irratti qorannoo Maammoo Badhaasaa (Hagayya 2009) mataduree, “Qaaccessa Qabiyyeefi Unka Weedduu Arrabsoo Durbaa Sirna Naqatanii Fuudhuu Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Haaruu” jedhu irratti hojjeteedha.

Walfakkeenyi qorannoo kanaafi qorattuu kanaa lamaanuu af-walaloo weedduu arrabsoo jala bultiifi guyyaa cidhaa qaaccessuu irratti xiyyeeffachuu isaaniiti. Kanamalees weedduun arrabsoo qorannoowwan kana keessatti kan jala bultii, kan yeroo gurbaan dhufuu, kan yeroo nyaatatti dhiyaatuufi yeroo intala fudhatee ba’uu qoqqoodamee qaacceffameera. Mana gurbaattis weedduun arrabsoo intala ittiin arrabsan kan intalli yeroo mana gurbaa geessuu qorannoo lamaan keessatti qaacceffameera.

Garaagarummaan qorannoolee kana lamaan gidduu jiru immoo, qorattuun qorannoo kanaa xiyyeeffannoon ishee hirmaattota weedduu waarisiisaafi arrabsoo, hawaasummaa hirmaattota weedduu waarisiisaa gidduuti mul’atu, faayidaa weedduu waarisiisaafi arrabsoofi ergaa qabiyyee weedduu waarisiisaafi arrabsoo keessa jiru xiinxaluudha. Qorannoon Maammoo immoo, fayyadama afaanii weedduu arrabsoo keessa jiru kanneen akka filannoo jechootaa, irra deddeebii jechootaa, malleen dubbiifi unka arrabsoo kanneen akka sararoota, cabsata, gaalee, birsaga, dhikkisaafi unata qaaccessuu of keessa qaba.

# BOQONNAA SADI: MALA QORANNOO

Qorannoon kun xiinxala qabiyyee af-walaloo weedduu waarisiisaafi arrabsoo cidha Oromoo Tuulamaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee Aanaa walmaraa irratti kan xiyyeeffateedha. Boqonnaa kana keessatti qabxiileen hammataman: saxaxa qorannichaa, gosa qorannichaa, madda odeeffannoo, iddattoo qorannichaa, mala iddatteessuu, meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamuufi mala qaaccessa ragaaleeti.

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Saxaxa qorannoo jechuun, adeemsa qorannoon tokko itti hojjetamuudha. Kanas, Addunyaan (2011:63) yoo ibsuu, "Saxaxni qorannoo waliigala adeemsa qorannoo kan to'atudha" jedha. Itti dabaluunis, Adduunyaan (2011:63) Cohen, Manion and Morriso (2005:73) wabeeffachun yoo ibsu, "Qorannoon tokko haala ibsaa irratti xiyyeeffata yoo ta'e saxaxa qorannoo ibsaa ta'e, haala qorannoo addeessaa irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'e immoo saxaxa addeessaa hordofuu qaba" jedha.

Qorannoon addeessaafi ibsaan kan walfakkaattan ta'ee, garaagaruummaas ni qabu. Kanas Dastaan (2013:52) qorannoon addeessaafi ibsaan kan walfakkaatan ta'ee, addeessaan garuu akka og-barruu kessatti jechoota filachuun suuraa sammuu namaa kessatti kaasuu osoo hintaane haalli ittiin ibsan osoo hinbaay'isin jechoota qorannootti fayyadamuun akka barbaachisu ibsee jira.

Kanaaf, qorannoon kun saxaxa qorannoo ibsaa kan hordofeedha. Sababni isaas weedduun waarisiisaafi arrabsoon aadaa hawaasaa kanneen akka jaalala maatiifi hiriyaa, wal jajjabeessuu, barsiisuu, akeekkachiisuu, komachuu, namaafi uumaatti imaanaa kennachuufi kkf ibsa waan ta'eef akkasumas, dhimmoota hawaasaa achi keessatti argaman kana walitti qabuun jechaan qaacceffamee waan ibsamuu qabuuf qoratttuun qorannoo kanaa saxaxa kana filatte.

## 3.2 Gosa Qorannichaa

Gosti qorrannoon ittiin adeemsifamu hedduutu jiru. Dastaan (2013:29) gosa qorannoo odeeffannoo funaanufi ibsuu irraatti hundaa'un yoo ibsuu, qorannoo qulqullinaa (akkamtaa), qorannoo lakkoofsaa (haammamtaa) fi qorannoo makaan akka jiran ibsa.

Akkaataa kanaan gosti qorannoo kanaas qorannoo qulqullinaa (akkamtaa) ti. Sababiin isaas qabiyyee weedduu waarisiisaafi arrabsoo xiinxaluun jechaan odeeffannoo waan walitti qabuufi qaaccessee ibsuuf gosa qorannoo kanaatiif mala akkamtaatu filatamaadha.

## 3.3 Madda Odeeffannoo

Madda odeeffannoo jechuun, yeroo qorannoo tokko gaggeessanitti namoota, waltajjii aadaafi wantoota odeeffannoon irraa argamuudha. Qorannoo gaggeeffamu tokkoofis madda odeeffannoo ta'uu kan danda'an lamatu jiru. Isaanis: madda odeeffannoo tokkoffaafi madda odeeffannoo lammaffaadha. Kanaafis, qorannoo kana keessatti lamaan isaanitti dhimmi ba'ameera.

### 3.3.1 Madda Odeeffannoo Tokkoffaa

Madda odeeffannoo tokkoffaa kan jedhaman odeeffannoo qorataan tokko kallattiidhaan funaannachuuf qaamaan biratti argamuun odeeffannoo bifa gaaffiif deebii, daawwannaa, suur sagalee waraabbachuufi marii garee geggeessuun irraa argamuudha. Qorannoo kana keessattis qorattuun mana cidhaa akka iddattootti filatte waltajjii cidhaa afur Talacootti mana Obboo Kidaanee Bushuutti cidha Durbee Alamii Lalisaa gaafa 24/5/2012, Gabaa Roobiitti mana Obboo Dirribaa Kabbadaatti cidha Dargaggoo Kumsaa Dirribaa gaafa 23-24/5/2012, Ganda Gooroo Qeerransaatti mana Aaddee Abaaboo Fiixaatti cidha Durbee Taattaa Bareechaat gaafa 7/9/2013fi mana Obboo Dabaluu Tolaatti cidha Dargaggoo Aabbuu Dabaluu gaafa 29/9/2013 dhaquun fuulaa fuulatti hirmaattota irraa dhaga'uufi arguun odeeffannoo namoota raga dhugaa ta'an irraa walitti qabattee jirti.

### 3.3.2 Madda Odeeffnnoo Lammaffaa

Akka Dastaan (2011) ibsetti, "Maddi odeeffannoo ragaa lammaffaa kanneen jedhaman, kanneen akka barreeffamoota, xalayaaleefi dookmantii adda addaati" jedha. Haaluma kana fakkaatuun qorannoo kanaaf madda ragaa lammaffaa kan ta'an, barreeffamoota Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Walmaraa keessa jiraniifi qorannoolee mataduree kanaan walitti dhiyaatan sakatta'uun qorattuun kun ragaa barbaachisaa ta'e walitti qabattee jirti.

## 3.4 Iddattoo Qorannichaa

Iddattoo qorannoo jechuun, tuuta (jamaa) qoranoon irratti gaggeeffamu yookin waltajjii aadaa keessaa namoota ragaa (odeeffannoo) kennuu danda'an filachuun odeeffannoo walitti qabachuu jechuudha.

Qorattuun kunis, qorannoo ishee yeroo adeemsistu waltajjii cidhaa iddattoo ta'an afur gandoota Aanaa Walmaraa keessaa filachuudhaan qorannoo ishee kana adeemsistee jirt. Aanaan Walmaraa gandoota baay'ee waan qabuuf, gandoota jiran keessaa ganda Talacoo, ganda Gabaa Roobiifi ganda Gooroo Qeerransaa akka iddattootti filachuun waltajjii cidhaa iyyaafannoon argame irraa odeeffannoo kana walitti qabattee jirti.

### 3.4.1 Mala Iddatteesuu

Akka Singn (2006:94) ibsutti maloonni iddattoon ittiin filataman beekamoon lama yommuu ta'an isaanis: iddattoo carraafi mit-carraadha. .Qorattuun qorannoo kanaas namoota waltajjii cidhaatt iargaman keessaa carraa malee filachuun akkasumas maanguddoota aadaa hawwasa naannoo qorannichaa sirriitti beekan darbaa dabarsaadhaan iyyaafachuun qorannoo ishee kana gaggeessitee jirti.

#### 3.4.1.1 Mala Iddatteessuu Mitcarraa

Iddattoon mit-carraa carraa walqixa ta'e kennuun kan filatamu osoo hintaane iddattoo kaayyoo qorannichaa galmaan ga'a jedhamee itti amaname carraa malee filachuun odeeffannoo walitti qabachuu jechuudha.

Qorannoo kana keessatti qorattuun muuxannoofi beekumsa qabduun iddattoo hojii ishee galmaan ga'an jettee yaaddu ganda Gabaa Roobiitti hirmaattota cidha dargaggoo Kumsaa Dirribaa kan ta'an keessaa dargaggoota 3fi shamarran 4 carraa malee filachuun odeeffannoo irraa funaannattee jirti.

#### 3.4.1.2 Iddatteessuu Darbaa Dabarsaa

Darbaa dabarsaa jechuun, nama waa'ee mataduree ofii beeku irraa ka'uudhaan, nama kan biraa waa'ee mataduree Sanaa beeku iyyaafachuun bira ga'uu jechuudha. Kanaaf qorattuun qorannoo kanaas waltajjii cidhaa sirna guutuu qabu akkasumas maanguddoota odeeffannoo gahaa qaban jiraattota ganda Galgal kuyyuu, Gabaa Roobii, Talacoofi Gooroo Qeerransaa kanta'an dhiira 6fi dubartoota 2 darbaa dabarsaadhaan iyyaafachuun odeeffannoo sassaabbatteen qorannoo ishee gaggeessitee jirti.

## 3.5 Mala Funaansa Ragaalee

Qorannoo gaggeeffamu tokkoof odeeffannoon iddattoo irraa argamu halaafi akkaataa itti funaanamu qaba. Qorannoo akkamtaa keessatti malleen odeeffannoo ittiin funaannachuuf gargaaran kanneen akka daawwannaa, af-gaaffii, marii gareefi dookmantii sakatta'uun isaan ijoo ta'aniidha. Qorattuun kunis, meeshaalee ittiin odeeffannoon funaanamu kanneen keessaa daawwannaa, af-gaaffii, marii garee xiyyeeffannoofi dookmantii sakatta'uutti gargaaramuun qorannoo ishee adeemsiftee jirti.

### 3.5.1 Daawwannaa

Daawwannaan waltajjii aadaa tokko biratti argamuun akkaataa hurruubbii isaa qabattamaan ijaan ilaaluun ragaa suur-sagaleedhaan walitti qabachuudha. Kanaaf qorattuun qorannoo kanaas waltajjii cidhaa lama irratti ganda Talacoo Mana Obboo Kidaanee Bushuutti gaa'ela Durbee Alamii Bushuufi Ganda Gabaa Roobiitti mana Obboo Dirribaa Kabbadaatti gaa'ela Dargaggoo Kumsaa Dirribaa alaalaa daawwachuudhaan ragaa ishee suur-sagaleedhaan walitti qabattee jirti.

### 3.5.2 Afgaaffii

Af-gaaffin malleen odeffannoon ittiin funaanamu keessaa tokko ta'ee fuulaafi fuulatti walitti dhufuun qorannoo akkamtaaf odeefannoo barbaachisaa ta'eefi ifa ta'e ittin funaannachuuf kan gargaaruudha.Qorannoo kana keessattii gosa af-gaaffii qorattuun itti gargaaramtu af-gaaffii miti caaseffamaa yommuu ta'u, gaaffiilee dhiyaataniif odeeffannoon hirmaattota sirba waarisiisaafi arrabsoo jiraattota ganda Gabaa Roobii kan ta'an Mangistuu kumsaa,Daani'eel Abbabaa,Maartaa Qananii,Xilaahuun Damissee,Ayinaalam Laggasaafi Tigist Asheetuu irraa af-gaaffiidhaan walitti qabameera.

Af-gaaffiin mit-caaseffamaa kun namoonni muuxannoo jireenyaa qabqn irraa odeeffannoo waan kennaniif odeeffannoo bal'aa irraa argachuuf kan nama dandeessisuudha. Haaluma kanaan qorannoo kanaaf gaaffilee banaa ta'an fayyadamuudhaan odeeffannoon funaanameera. Qorattuun qorannoo kanaas hirmaattota waltajjii cidhaa irratti hirmaatan keessaa filachuudhaan afgaaffiidhaan odeeffannoo funaannatteerti.

### 3.5.3 Marii Garee

Mariin garee malleen odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa isa tokkoodha. Kan adeemsifamus namoota akka iddattootti filataman waliin fuulaa fuulatti walarguun akkuma af-gaaffii odeeffannoon madda raga tokkoffaa irraa kan ittiin funaanamu yommuu ta'u, odeeffannoo bal'aafi amansiisaa argachuu irratti gahee guddaa qaba.

Qorannoon qorattuun kun adeemsistes gosa qorannoo ibsaa mala akkamtaatti dhimma ba'a waan ta'eef odeeffannoo gahaa ta'e argachuuf marii garee xiyyeeffannootti fyyadamuun dirqama ta'a. Marii garee keessatti namoonni iddattoo ta'an yaada sirrii ta'e irratti waldeeggaruun, kan sirrii hitaane irratti wal sirreessuun, kan hirraanfatame immoo wal yaadachiisuun kan odeeffannon sirrii ittiin funaanamuudha.

Kannaaf, qorattuun kun marii garee xiyyeeffannoo maanguddoota beekamoofi aadaa ummatichaa beekan Aaddee Loomii Bushuu (20/5/2012), Obboo Taaddasaa Dagafuu, Taarikuu Dureechaafi Kumsaa Urgaa (16/5/2012) waliin aadaa fuudhaaf heerumaa keessatti faayidaan weedduu cidhaafi arrabsoo maal akkata'eefi yeroo ammaa kana weedduun cidhaafi arrabsoon sadarkaa maal irra akka jiru yaada bal'aa kaasuun mariin gaggeeffamee jira.

### 3.5.4 Dookmantii Sakatta'uu

Dookmantii sakatta'uun mala odeeffannoon madda raga lammaffaa irraa ittiin funaanamu keessaa isa tokkodha. Qorannoo tokko gaggeessuuf yaada hayyootaa sakatta'uun qorannoon tokko dhugummaafi bilchina akka qabaatu taasisuu irratti gahee guddaa taphata.

Haaluma kanaan qorannoo kana keessattis qorattuun kun dhuftee hawaasa qorannoon kun irratti adeemsifamuufi haala jireenya isaanii dookmantii Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Walmaraa keessaa sakatta'uun dhimma itti baateerti. Kanamalees qorannoolee kana dura hojjetaman ilaaluun haala adeemsa qorannoofi qaaccessa ragaalee irratti muuxannoo barbaachisaa ta'e fudhattee jirti.

## 3.6 Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorattuun qorannoo kana adeemsisuuf meeshaalee funaansa ragaalee daawwannaa, af-gaaffii, marii gareetti gargaaramuun odeeffannoo funaannatte walbira qabuun xiinxaltee kan qaaccessite yommuu ta'u, dhuma irrattis argannoo ishee barreeffamaan ibsuudhaan qaama dhimmi ilaallatuuf kan gabaaftu ta'a.

# BOQONNAA AFUR: XIINXALAAFI HIIKA RAGAALEE

Boqonnaan kun ragaalee qaaccessuufi hiikuurratti kan xiyyeeffatu yommuu ta'u, sirba waarisiisaafi arrabsoo mana intala heerumtuufi gurbaa fuudhuutti akka Oromoo Tuulamaa Aanaa Walmaraatti maal akka fakkaatu mataduree adda addaatti qoqqoodamee haala armaan gadiitiin dhiyaatee jira.

## 4.1 Weedduu Waarisiisaafi Arrabsoo

Akka maanguddoota aanaa kanaa kan ta'an Obboo Alamuu Margaa, Obboo Taaddasaa Dagafuufi Aaddee Loomii Bushuu ibsanitti, cidhaaf torbeen tokko yeroo hafu intalli heerumtuufi gurbaan fuudhu hiriyoota isaanitti dhiyaatanitti akka waliin waarisiisan itti himatu. Hiriyoonni isaanii immoo dargaggootaafi shamarran naannoo mana cidhaa jiraatanitti waarisiisaan akka jiru walitti himu. Guyyaa walbeellamanirraa eegalee hanga guyyaa cidhaatti galgala irbaata erga mana warra isaaniitti nyaatanii booda gara mana cidhaa deemuun hanga dadhabanitti wajjiin waarisiisu.

Waarisiisaan kun hanga sa'aatii saddeetiittillee yeroon itti dheeratu jira; haata'uutii maatiin durii kaasee waan beekuuf maa turtan jedhee ijoollee isaatti hindheekkamu. Mana cidhaatti darbee darbee affeerraan daabboo, akaayiifi bunaa jiraachuu danda'a.

Akka maanguddoonni kun jedhanitti haalli kun yeroo ammaa kana jijjiiramaa dhufeera, Sirbi waarisiisaa gara sirba ammayyaa waraabanii sirbisiisuufi waliin sirbuutti jijjiiramaa dhufeera. Arrabsoon immoo akka qaroomina dhabuutti lakkaa'amaa waan dhufeef baduuf fiixee irra ga'eera jedhaniiru. Kanamalees turtiin guyyoota waarisiisaa iddoo baay'eetti bultii sadii hanga guyyaa tokkootti gadi xiqqaachaa akka dhufe maanguddoota kana irraa hubatameera.

### 4.1.1 Hirmaattota Weedduu Waarisiisaafi Arrabsoo

Hirmaattonni weedduu waarisiisaafi arrabsoo dargaggoota hinfuudhiniifi shamarran hinheerumin yommuu ta'an darbee darbee namoonni dargaggoota kana qajeelchaniifi leenjisan umrii dargaggummaa keessatti kan argaman irratti hirmaachuu danda'u. Akka aadaa Oromootti namni umrii ga'eessummaafi maanguddummaa keessa jiru ijoollee biratti jecha safuu dubbachuun qaaniidha.

Arrabsoofi faaruu guyyaa cidhaa irratti garuu kan hirmaatu shamarraniifi dubartoota fira ta'aniifi naannoo mana cidhaatti argaman malee dhiirri hin hirmaatu.

### 4.1.2 Hawaasummaa Hirmaattota Weedduu Waarisiisaafi Arrabsoo gidduutti mul'atu

Dargaggootaafi shamarran wajjiin waarisiisan kana gidduutti walitti dhufeenya cimaatu uumama. Akka qorattuun hirmaattota sirba waarisiisaafi arrabsoo kan ta'an jiraattota ganda Talcoo dargaggoo Xilaahuun Damissee,Mangistuu Kumsaa, Daani'eel Abbabaa, Maartaa Qananii, (23/5/2012) irraa af-gaaffiidhaan hubattetti yeroon kun kan dargaggoonni qaamaan walbiratti argamanii waliin dabarsan waanta'eef akka amala walii hubatan, akka walbaranniifi hiriyyummaafillee akka walfilatan carraa guddaa uuma.

Kana malees yeroo weedduu cidhaafi weedduu arrabsoo walharkaa fuudhanii sirban walitti dhufeenyi gidduu issaanniitti uumamu walsodaachuun akka gidduu isaanittii dhabamu, akka waliif yaadan, darbees hiriyummaa cimaa gidduu issaaniitti akka uummuufi gaa'elaafillee walfilachuuf karaa saaquu irratti bu'aa guddaa qaba.

### 4.1.3 Dhaamsa Weedduu Waarisiisaafi Arrabsoon Darbu

Akka hirmaattota waltajjii cidhaa irraa qorattuun kun odeeffannoo argattetti, weedduun waarisiisaafi arrabsoon barsiisuu, akeekkachiisuu, gorsuu, jajjabeessuu, qeequun amala sirreessuufi jaalala maatii, ollaafi hiriyaa ibsuun hawaasni akka hariiroo isaa eegee jiraatu taasisuu irratti gahee guddaa taphata.

### 4.1.4 FaayidaaWeedduu Waarisiisaafi Arrabsoo

Weedduun waarisiisaafi Arrabsoon aadaafi duudhaa hawaasaa eegsisuu irratti gahee guddaa taphata. Akka maan guddoonni aanaa kanaa marii garee irratti ibsanitti sirbi waarisiisaafi guyyaa cidhaa hawaasa gidduutti jaalala, walkabajuu, waldanda'uufi waliif yaaduun akka dagaagu taasisuu irratti gahee guddaa qaba.

Arrabsoon immoo gocha badaa hawaasa gidduu jiru ceepha'uun, waan namni dubbachuuf qaana'u saaxiluun dhaloonni haaraan amala gaarii horatee akka guddatu taasisuu irratti bu'aa hedduu qaba. Kanaaf aadaafi duudhaan hawaasaa osoo hicabiin akka dhalootaa dhalootatti daddarbu taasisuu irratti gahee guddaa taphata.

## 4.2 Gosoota Weedduu Waarisiisaafi Arrabsoo

Akka hirmaattonni kun himanitti weedduufi arrabsoon cidhaa yeroofi bakka itti dhiyaatu kan mataa ofii qaba. Kana jechuun arrabsoon yeroo waarisiisaa kan yeroo hamaamonni dhiyaatan, yeroo ciibsaa ga'an, yeroo karra dura ga'an, yeroo ol seenanii nyaata nyaataniifi kan yeroo intala fudhatanii bahanii garaagarummaa qaba.

Garaagarummaan kunis ergaa dabarsuufi hirmaattota irratti kan mul'atuudha. Waarisiisaa irratti kan hirmaatu saala lamaanuu yommuu ta'an guyyaa cidhaa garuu arrabsoofi faaruu cidhaa irratti kan hirmaatan dubartoota qofa. Arrabsoon mana gurbaa immoo akka mana intalaa waarisiisaa irratti kan arrabsamu osoo hinta'iin gaafa cidhaa yeroo gurbaan intala fuudhee ciibsaa ga'u irraa kaasee hanga intalli karra olseentee haati gurbaa sabbata furtutti qofa arrabsama. Sabbata furuun haadha gurbaatiin raawwatamu kunis mallattoo durbummaarraa gara haadhawarrummaatti jijjiiramuu kan agarsiisu yommuu ta'u aadaan kun yeroo ammaa kana guutumaa guututti akka hafe odhimtoonni kun ibsaniiru.

Sirbi cidhaas akkasuma kan waarisiisaa, kan guyyaa cidhaa, kan yeroo hamaamonni dhufaniifi yeroo intala gaggeessanii ergaa dabarsuufi hirmaattota irratti garaagarummaa qaba. Akkuma arrabsoo waarisiisaa irratti kan hirmaatu saala lamaanuu yommuu ta'u guyyaa cidhaa garuu dhiirri sirba

faaruu durbaa irratti hinhirmaatu. Mana gurbaattis yeroo waarsiisaa kan sirbamu sirba jaalalaa yommuu ta'u, guyyaa cidhaa garuu sirba faaruu gurbaa kan yeroo gaggeessafi simannaa kan leemmatoodhaan sirbu dubartoota. Sirboonniifi arrabsoon mana durbaafi mana dhiiraas haala armaan gadiitti dhiyaatee jira.

### 4.2.1 Dhaamsa Weedduu Waarisiisaafi Guyyaa Cidhaa Kan Mana Intala Heerumtuu

Weedduun cidhaa cidha dura torban tokkoof kan weeddifamuu eegalu yommuu ta'u hanguma guyyaan cidhaa dhiyaachaa dhufu irra caalaa ho'aa hanga guyyaa cidhaatti itti fufa. Walaloon sirba waarisiisaa mana intala heerumtuus dhaamsa adda addaa qaba. Kan ergaa dabarsus bifa weedduutiin yommuu ta'u warra walfuudhan qofaaf osoo hintaane warra walfuudhuuf karoorfataniifis ergaa adda addaa dabarsa. Ergaan inni dabarsus haala armaan gadiitti dhiyaatee jira.

#### 4.2.1.1 Weedduu Jaalala Maatii, Hiriyaafi Ollaa Ibsu

(1) Eemmee yaa laashoo laashoodhumaa
Bilaashumaa durba dahuunii
Akaayiin akaa'aa qursii jabanaatii
Qalloo too hinkennuu qulfii balbalaatii
Kooraan cabee
Kophaatti hafee
Yaa qallayyoo too

Weedduun mana durbaa kun "Eemmee yaa laashoo" jedhamuun kan beekamu yoo ta'u, akka maanguddoonni naannoo ibsanitti "eemmee" jechuun jabbii reefu gooranaa baate jechuudha. Kunis kan agarsiisu ummanni Oromoo aadaa loon horsiisuu kan dhalootaa dhalootatti daddarbaa as ga'e qaba. Jireenyi ummata kanaas harki caalu loon horsiisuu irratti kan bu'uureffateedha. Kanaaf intala heerumtuun akkuma jabbii gooranaa baatuu mana warra ishiitii bahaa waan jirtuuf eemmee jechuun faarsu.

"Laashoo" jechuun immoo waan lallaafee bareedu kan akka dhallaaduu lash jedhee asiifi achi jijjigee ciisu yommuu ta'u, bareedina qaamaa, ijoollummaafi rifeensa mataa intalaa ibsuuf itti fayyadamu.

Bo'oo lammaffaa irratti immoo durba dahuun bilaashuma jechuun sirbu. "Bilaasha" jechuun waan gatii hinqabne kan tola lafatti bade jechuu yommuu ta'u, intala heerumtuun akkana jechuun isaanii durba dahuu tuffachuuf osoo hintaane hammamiyyuu waliin dhama'anii kunuunsanii yoo guddisan heerumuun durbaa waan hinoolleef mana warraatti hinhaftu yaada jedhu irraa ka'aniitu.

Bo’oo sadaffaa irratti akaayiin hawaasa kana biratti yeroo buna danfisan akka qursii ykn shaaraatti kan dhiyaatu ta’uusaa kan ibsu yommuu ta’u akka bo’oowwan af-walaloo sirba kanaa walsimataniif malee intala waliin hidhata kallattii hinqabu.

“Qallootoo hinkennu qulfii balbalaatii” yaanni jedhu immoo bu’aa cuftuun dhala namaatiif kennuufii bu’aa intalli warra ishiitiif buustu walbira qabuun yeroo ibsan mul’ata. Mana cuftuu qabu hattuun akka laayyootti bantee hinhattu. Abbaan arges fedhii warra manaatiin ala yeroo barbaade akka fedhetti ol seenee waan man asana keessa jiru ilaaluus fuudhuus hindanda’u.

Akka hawaasa Oromoo aanaa kanaatti, durbi takka dhalattee waggaa shanaffaa ishee irraa kaasee akkuma human ishiitti hojii mana keessaa haadha gargaarudhaan akka shaakaltu taasifama. Akka ijoollee dhiiraa baatee taphachuuf yeroo gahaa hinqabdu. Kanaaf qabeenyi warra ishee akka hinqisaasofne waan seeraan qabduuf, abbaan fedhe gola maatii ishii seenee icciitii jiruufii jireenya isaanii akka hin barre waan to’attuuf ‘qulfii’ balbalaatiin wal ishii fakkeessan.

Bo’oo dhumaa irratti cabuu kooraafii kophaatti hafuu haadha intalaa walbira qabuun yeroo ibsan mul’ata. Akkuma fardi kooraa hinqabne yaabbiif namatti hintolle haadha intalli heeruma biraa baatettis jiruun hintolu yaada jedhu ofkeessaa qaba.

(2) Algeetoo algee too
Algee qallayyoo too
Ati narraa baanaan
Qorrite godoon too
Kooraan cabee
Kophaatti hafee
Yaa takkittii too

Walaloon weedduu armaan olii hiriyoonni intala heerumtuu waan haati intalaa jette fakkeessuun hiriyaan isaanii haadha isiitiif hammam barbaachiftuu akka taate ittiin ibsu. Algeen biqiltuu algee erga duuganii booda qaanca bareedaa keessaa ba’u yommuu ta’u bareedinaafi qal’ina intala heerumtuu ittiin ibsu.

Ba’uu intalaafi qorruu godoo haadhaa kaasuun isaanii immoo akkuma kana dura ibsame jiruu warra ishii mijeessuufi tottolchuu keessatti intalli gahee guddaa qabdi. Akkuma ibiddi mana ho’isee akka manni hinqorrine taasisu intallis jiruun warra ishii gammachiisaafi mijataa akka ta’u taasifti ergaa jedhu ittiin dabarsu.

(3) Walawwalaa oolii
Eeleen caba hinooltuu
Wal jaalachaa oolii

Gargar baati hinooltuu
Eemmee yaalaashoo
Laashittii too
Kaarrittii too si gurguruufii

Buufanni weedduu armaan olii dhugaa hawaasa keessa jiru kan ibsu yommuu ta'u, caba eeleefi gargar ba'uu dhala namaa walbira qabuun yaada haqaa hawaasa keessa jiru yeroo ibsan mul'ata. Innis eeleen suphee irraa waan hojjatamteef hammamiyyuu yoo kunuunfamte gaaf tokko cabuun ishii hinooltu. Dhalli namaas hammamiyyuu yoo wal jaalate umriisaa guutuu iddoo tokko waliin turuu hindanda'u. Sababni isaas bu'aa bayiin jiruufi jireenya dhala namaa hedduu waan ta'eef addunyaa kana mo'atanii jiraachuuf bakka mijataa ta'e filachuun dirqama.

Kanaaf hiriyoonni intala heerumtuus haqa kana wal hubachiisuun waljajjabeessu. Hhiriyaa isaaniis haqa kana hubachuun akka heerumuu ykn gaa'ela ishee amantee ofitti fudhattu ittiin taasisu.

Bo'oon gara dhumaa jiru bifaafi ilkaan intalaa jajuun warri kee sigurguruufi jedhanii intalatti himu. Isaan haajedhan malee intalli akka heerumaaf qophoofte sirriitti beekti. Wanti isaan ibsuu barbaadan jecha 'gurguruu' jedhuudha. Akka seeraatti dhalli namaa hingurguramu; haata'u malee akka hawaasa Oromoo aanaa kanaatti yeroo durba heerumsiisan warri intalaa warra gurbaa irraa qarshii baay'ee waan fudhataniif intalaan sigurguruufi jedhuun.

Wanti gurguramu tokko hingurguramu jedhee diduuf mirga hinqabu; kan gatii irra caalaa kennetu bitata. Gaa'ela keessattis yeroo ammaa kana hir'ataa haadhufu malee, adeemsa durba kaadhimmatanii fuudhuu keessatti hiyyeessarra nama qabeenyaa qabutu kan barbaade fuudhuuf carraa bal'aa qaba. Intalliis kan jaalatte filattee heerumuurratti warraafi hawaasa naannoo waan sodaattuuf kanuma issaan jedhan heerumuurraa kan hafe carraa biraa hinqabdu.

(4) Yoo mandureen jigdee
Maalittan hirkadhaa
Icciitii garaakoo
Eenyuttan himadhaa

Manni hawaasni Oromoo naannoo kanaa boca geengoo kan qabu yommuu ta'u keessi isaa mandureedhaan kutaalee adda addaatti qoodama. Kutaaleen kunis tajaajila adda addaatiif kan oolu yommuu ta'u, kankeessa rafaniifi mi'a akka qawwee, faaya warqiifi meetii irraa tolfaman akkasumas qarshii ija namaa jalaa maqsanii keessa kaawwatan diinqa jedhama.

Kutaan nyyata itti qoheesan immoo gola kan jedhamu yommuu ta'u meeshaalee nyaata itti qopheessaniifi nyaanni akkasumas daakuun kan keessa kaa'amuudha. Golli keessummaa immoo kan keessummaa itti simataniifi ollaadhaan walwaamuun buna itti walaffeeraniidha. Golli jabbiileefi

hoolaan keessa bulan immoo goorana ykn gorduuba kanjedhamu yommuu ta'u karaa alaatiin manatti naanna'ee sibsaabii jalaan ijaarama.

Walumaagalatti mana baadiyyaa aanaa kanaa mana kan jechisiisu mandureedha. Kanaaf jiguu mandureefi nama icciitii garaa isaanii itti himatan dhabuu walbira qabanii ibsu. Akkuma yoo mandureen jigde wanti itti hirkatan dhabamu, yoo hiriyaan isaanii biraa deemte nama icciitii garaaisaanii itti himatan hin argannu jedhanii yaadda'uu isaanii agarsiisa.

Namni icciitii garaa ofii abbaa argetti hinhimatu. Keessattuu shamarraniifi dargaggoonni icciitii isaanii hiriyaa umriin isaanitti dhiyaatutti malee maatiin isaaniiyyuu akka dhaga'an hinbarbaadan. Kanaaf namoonni hedduun naannoo isaanii guutanii yoo jiraataniyyuu icciitii itti himachuuf waan isaaniif hintaaneef sirba kanaan yaaddoo isaanii ibsatu.

(5) Achiin gadi ilaallaan
Galaanni addaatee
Qalloo waamee dhabnaan
Garaan na hammaatee
Koraan cabee
Kophaatti hafee
Yaa hiriyee too

As irratti immoo hiriyaa isaanii barbaadanii dhabuu kan ittiin ibsan yommuu ta'u, amma yoo waliin jiraataniyyuu guyyaa cidhaatiin booda waan isaan irra ga'uu danda'u dursanii tilmaamuun akkuma galaana yoo gadi ilaalan addaatee nama sodaachisu hiriyaa isaanii waamanii yoo dhabanis garaan kan isaan raafamu ta'uu ibsu.

Shaggarittan argee
Ulee baala qabduu
An hiriyeen argee
Michuu nama gantuu
Kooraan cabee
Kophhaatti hafee
Yaa qallayyoo too

Uleen mukarraa muramee erga gogee booda qabannaaf kan ooludha. Uleen yoo baala baase immoo waan ajaa'ibsiisaadha. Akkasuma akka aadaa Oromootti michuun michuu hinganu. Jechi 'ganuu' jedhu kun ergaa baay'ee kan qabu yommuu ta'u isaan keessaa muraasni, hiriyaa dhiisuun kan biraa jaalachuu, haala rakkisaa keessatti waldhiisanii wal irraa baqachuu, icciitii walii waljalaa baasuu,

imaanaa walbira kaawwatan waljalaa nyaachuufi kkf ta'uu danda'a. Intalli heerumtus waan hiriyaa isaanii dhiiftee heeruma deemtuuf nu ganteerta jechuun komatu.

(6) Uleetoo (2)
Kan wajjiin murannee
Addaan nu baasanii
Qalloo guduree too
Kan wajjiin guddannee

Hiriyoonni ganda tokko keessatti dhalatanii waliin guddatan waa hedduu waliin dabarsu. Yeroo gargar bahanis wanti keessa isaaniitti yaadannoo ta'ee bara jireenya isaaniitti wajjiin turu baay'eetu jira. Sirba kana keessatti ulee waliin muranne haajedhan malee yeroo waliin taphachaa guddatan baala ciranii, biyyee daakanii waliin taphachuu irraa jalqabee wanta baay'ee waliin raawwatu. Kanaaf osoo nuti gargar bahuu hinbarbaadiin dirqamaan akka adda baanu nutaasisan jechuun sirba fakkeessanii dhiibbaa maatii ittiin ibsatu. Bo'oo afraffaa irratti yaanni 'qal'oo guduree too' jedhu akka aadaa Oromootti amma yeroo waliin haajijjiiramu malee rifeensi mataa ijoollee guduruu ture. Durba heeruma geesse qofatu qarree jidduutti haaddatee kaan shurrubbaa dhahata.

Weedduu kana irraa kan hubatamu intalli heerumtu tun umriin ishii yeroo qarrummaa osoo hintaane kan guduruu keessa jiraachuu ishii agarsiisa. Yeroo ammaa kana sirba kana waanuma dhaloota darbe irraa dhaalaniif haasirban malee fedhii ofiitiin ala durbi umrii malee heerumtu aanaa kana keessatti baay'inaan hinmul'attu.

(7) Urjiin waaqaa buutee
Migira ciniintee
Ilkaan qalloo tiyyaa
Ayeetuu finiintee
Kan ayeetuu sobaa
Seenaa natti taatee
Laashittii too
Kaarrittii too
Sin kennu gaabbee

Buufata kana keessatti bo'oo tokkoffaafi lammaffaan 'urjiin waaqaa buutee migira ciniinte' kan jedhu, akka afwalaloon sirba kanaa walsimuuf keessa gale malee ergaa sirba kanaa waliin hidhata hinqabu. Bo'oowwan hafan bareedina intala heerumtuu kan ibsu yommuu ta'u, jechi qalloo jedhu yeroo baay'ee irra deddeebi'amee mul'ata. Kunis hawaasa Oromoo kana biratti qal'inni mallattoo

miidhaginaa ta’uusaa agarsiisa. Addeenya ilkaanii immoo aannan ayeetuu finiineen walbira qabuun ibsu.

Kana malees jaalalli hiriyaa isaanii yoomiyyuu kan hinhirraanfatamneefii seenaa ta’ee keessa isaanii kan jiraatu ta’uusaa ittiin ibsatu. Bakka tokko tokkotti immo waan ta’uu hindanda’amne yeroo keessa makan mul’ata. Fakkeenyaaf yaanni ‘Sinkennu gaabbee’ jedhu kun dhugaarraa waan fagaateedha. Kennamuun intalaa mirkanaa’ee cidhi qophaa’aa akka jiru osoo beekanii, aboon intala kennuufi dhoowwachuus warra intalaa harka akka jiru osoo beekanii hawwii dhugoomuu hindandeenyeen yaada isaanii yeroo ibsatan mul’ata.

(8) Ganyaa caffee keessaa
Tisiisni itti goohee
Qalloo ergamtuu too
Kan abbaan gurguree
Kan haati gurgurtee
Ollaan marsee booyee

As keessatti immoo walitti dhufeenyi hawaasummaa kan mul’atu yommuu ta’u, tisiisa caffee keessatti ganyaa fardaatti marsee huursuufi namoota olla intala heerumtutti marsee boo’u wal bira qabuun yeroo ibsan mul’ata. Intalli heerumtu bultii ijaarrajuuf deemuun ishii kan nama boochisu osoo hintaane kan nama gammachiisu ta’uunsaa beekamaa ta’us ijoolleen olla keessatti yeroo guddattu warra ofii qofa osoo hintaane ollaas akka tajaajiltu agarsiisa. Kanaaf fagaachuun intala heerumtuu kan miidhu warra qofa osoo hintaane ollaas akka ta’e mul’isa.

#### 4.2.1.2 Qabiyyee Af-walaloo Weedduu Intala Heerumtu Ittiin Jajjabeessuuf Weeddifamu

Weedduun intala heerumtu jajjabeessuuf weeddifamu guyyaa cidhaa erga hamaamonni gurbaa warra intalaa seenanii booda kan weeddifamuudha. Akka hirmaattota mana cidhaa kana irraa hubatametti sirbi kun intala heerumtu akka garaan hinhammaanne, jiruu ishii gara fuulduraaf jettee garaa kutannoodhaan akka gaa’ela ishiitti seentu taasisuuf gargaara.

(9) Karaa macca deemuu
Sokorruutu karraa
Maa boocha yaa qalloo
Alagaatu warraa
Yaa laasholee
Yaa kaarrolee
Walargaan oolee

Weedduu kana keessatti bo’oon tokkoffaafi lammaffaan afwalaloo kana walsimsiisuuf gale malee bo’oowwan kaan waliin ergaansaa walhinqabatu. Bo’oo sadaffaa irratti akka ibsametti ummanni Oromoo yeroo fuudhuufi heerumsiisu abbaa torba duubatti deebi’ee hidda dhalootaa walqorata. kunis kan ta’eef firri yoo walfuudhe ilmi dhalatu haraamuu ta’a jedhee waan amanuuf, haraamuun immoo hawaasa keessatti iddoo hinqabu.

Akka seera Gadaa Oromoo Tuulamaattis firri walfuudhee haraamuu dhalchuun abaaramaadha. Kanaaf intala heerumtuun, fira koo keessaa bayeen alagaa gidduu gale jettee sitti hindhaga’amiin kan abbaa warraa namaa ta’u alagaadha malee fira miti jechuun jajjabeessu. Dhuma irrattis kana booda akka durii guyyaa guyyaan walarguun hinjiru jechuun intala boochisu.

(10) Burqaan taltaliitee (2)
Hinbooyiin yaa hiriyee
Baay’ee qananiitee
Laashoo boontuu
Badii koottuu
Yoo qaam’een geessee

Weedduun kun intalli mana warra isheetti haala gaaridhaan kunuunfamtee waan guddatteef wanti ishii gaabbisiisu akka hinjirre itti himuun boo’uun sirra hinjiru jechuun jajjabeessu. Aanaa kanatti waggaa waggaadhaan Qaam’een yoo ga’u gaafa jala-bultii durbi walitti yaatee buqqisaa buqqifachuun ala baka jiidhi jiru marga keessa bulfatu. Yeroo buqqifachuuf deemanis “Buqqisaa buqqifannaa (2), Gurguddoon keessaa yaatee, Xixiqqoo guddifannaa” jechaa warra isaan keessaa heeruman yaadachaa buqqifatu.

Guyyaa ayyaana Qaam’eetis yeroo mana irra naanna’anii buqqisaa darban warri heerumanii mana jiran waan akka duriitti isaan faana deemuu hindandeenyeef ni boo’u. Kanaaf gaafa ayyaana qaam’ee garaatu hammaata jedhanii waan tilmaamaniif akka baddee ykn dhokattee dhuftu dhaamsa ittiin dabarfatu. Haata’u malee hawwii isaanii himuun ala intalli heerumte mana ishii dhiiftee qaam’ee darbaa akka hindeemne garaan isaanii sirriitti beeka.

(11) Buqqee dimbilaalaa (2)
Hinbooyiin yaa qalloo
Dhufeetan silaalaa
Yaa laasholee
Yaa kaarrolee
Siin jette haatee

Buqqeen dimbilaalaa kan dimbilaalli tumamee itti naqamee kaa'amu yommuu ta'u bo'oowwan hinbooyiin dhufeetan silaalaa jedhan immoo akka aadaa hawaasa Oromoo aanaa kanaatti durbi takka erga heerumtee ji'a tokkoon booda maatii, firaafi ollaan dhangaa akka qorii,caccabsaa, cuukkoo, irra diboo qabachuun dhaqanii gaafatu. Kanaaf intalli guyyaa san abdiidhaan akka eeggattuuuf ittiin tasgabbeessu.

(12) Gumeen harka bitaa
Mirgatti hindeebituu
Hinbooyiin yaa hiriyee
Durbatti hindeebituu
Yaa laasholee
Yaa kaarrolee
Walargaan oolee

Kan biraa immoo akka aadaa hawaasa naannoo kanaatti gumeen harka bitaatiif qophaa'e harka mirgaatti hingodhatamu. Kanamalees gumee harka mirgaatti kan kaawwatu nama mara miti akka maanguddoonni jedhanitti harkai mirgaa mallattoo injifannoo, hangafummaafi hoggansaa waan ta'eef namoota gootummaadhaan beekamoo ta'an, kan hangafa gosaa ykn abbaa caffee ta'aniifi Abbaa Gadaa ta'an qofatu harka mirgaatti gumee (kolbaa) kaawwata. Gumee namni kamuu harka bitaatti kaawwatu harka mirgaatti kaawwachuun hooda. Haaluma kanaan durbis heerumuu yoo dhiistee durbummaan mana warraa turte isheefis warra isheefis qaaniidha. Kanaaf dhugaa kana hubadhu; hin booyin kun waanuma jiruudha; jechuun intala jajjabeessu.

(13) Hattuun biyyee hinhattuu
Kan hattus biyyumaa
Maa boocha yaa qalloo
Achittis tiyyumaa

As irratti immoo bo'oowwan lamaan jalqaba irra jiran kan hattuun biyyee osoo hinta'iin biyya ykn ummata irraa qabeenyaa hatti yaada jedhu of keessaa qabu. Bo'oowwan itti aanan garuu nurraa fagaattee yoo deemteyyuu firummaan keenya addaan hincituu waan ta'eef hinbooyiin jechuun ittiin intala jajjabeessu.

#### 4.2.1.3 Qabiyyee Af-walaloo Weedduu Barsiisuufi Akeekkachiisuuf Weeddifamu

Weedduun kunis kan sirbamu waarisiisaa irraa kaasee hanga guyyaa cidhaatti yommuu ta'u kaayyoon isaa intalli heerumtu warra ishii irraa adda baatee waan jiraattee hinbeekneef waan ishii mudachuu danda'u dursanii itti himuufi tooftaa rakkoo kana keessaa ittiin baatu barsiisuuf yaadameetu sirbama.

(14) Silaa laga buutaa
Hurraa naa funaanii
Biyya ormaa deemtaa
Dibadhuu urgaayii
Qalloo ilkaan baddeessaa
Beenu sin gaggeessaa

Akka aadaa hawaasa kanaatti haalli dubartiin yeroo mana keessa jirtuufi yeroo manaa baatu itti uffattuufi ittidibattu garagara. Kanaaf Oromoon kaamettummaa dubartii ibsuun yeroo mammaaku, “Ala giiftii golatti garbittii” jedha. Kana malees Sirbi kun namni yeroo firaafi lammii ofii keessa jiraatu akka fedhetti jiraachuu danda’uusaa agarsiisa.

Kana jechuunis yoo bareedes, yoo fokkises, yoo dibates, yoo addaates, yoo urgaa’es, yoo urgaa’uu baates kan hintuffatamne ta’uu agarsiisa. Kanaaf intala heerumtuun biyya ormaa deemaa jirta waan ta’eef akka duriitti jiraachuu hindandeessu; ormi akka sin tuffanne waan urgaa’u dibadhuu mimmiidhagi jechuun gorsu.

(15) Dibaa mukukkulaa
Dibiitii bulfadhuu
Waan hunda hinhaasa’iin
Garaa kee dhokfadhuu

Akka hirmaattonni kun jedhanitti dur dubartiin ibidda dibattee bulfachuu danda’uu ishiitiin kan madaalamtu yommuu ta’u, dubartiin ibidda dibattee hin bulfanne ganama ganama qiraacii qabattee balbala dubartii kaamettii fuuldura dhaabachuun ibidda kadhatti.

Kun immoo hawaasaafi abbaa warraa ishii biratti fudhatama ishii dhabsiisa. Kanaaf akka namni sin taajjabne mukukkula ibiddaa daaraa keessa dibiitii akka sijalaa hindhaamnetti bulfadhu jechuun tooftaa jireenyaa itiin barsiisu. Yeroo ammaa kana garuu kibriitiin waan jiruuf ibidda barbaacha mana namaa deemuun dirqama miti. Haata’uutii karaa alkallattiitiin akka intalli waan ofii ishii gochuu dandeessu tokko nama biraa irratti hirkattee eeguu hinqabne ittiin gorsuuf gargaara.

Ittiaansuunis, icciitii ishii eeggachuu akka qabduufi nama hunda amantee yaada garaa ishii itti himuu akka hinqabne yeroo barsiisan mul’ata. Intalli heerumtu mana warra ishiitii reefu waan baateef garaagarummaa maatii ishiifi orma gidduu jiru beekuu dhiisuu dandeessi.

Kanaaf ormi waan sii gadde fakkaatee icciitii garaa keetii erga baree booda situffata waan ta’eef garaa kee dhofkadhu jedhuun. Kanamalees wanti namatti himamuufi hinhimamne waan jiruuf waa hunda namatti himuun gaarii akka hintaaneefi icciitii garaa ishee namni beekuu akka hinqabne akeekkachiisu.

(16) Balbala irra hintaa’iin
Maal yaadde siin jedhuu
Kophaa aara hinaarsiin
Maal nyaatte siin jedhuu
Miinjee kee hingaggeessiin
Maal dhaamte siinjedhuu

Akka aadaa Oromootti hojii tokko malee dubartiin ala baatee balbala irra taa’uun qaaniidha. Dubartiin balbala irra teessu akka waan bultii ishii jibbitee hojii dhiistee baduuf yaadaa jirtuutti ykn abbaa warraa ishii irraatti dhiira biraa jaalattee of agarsiisuuf babala irra teessutti lakkaa’amti. Kanaaf ilaalchi akka kanaa hawaasa keessa waan jiruuf akka mana warra keetiitti yeroo barbaaddetti bakka barbaadde taa’uun sirra hinjiraatu jechuun waan namni ishiin jechuu danda’u itti himuun intala ittiin gorsu.

Kana malees yeroo namni sibira hinjirre ibidda qabsiistee aara hinaarsin qofaa ishii nyaata qopheeffattee nyaatti siin jedhuu jechuun gorsu. As irratti wanti hubatamuu qabu aara aarsuun ykn ibidda qabsiisanii nyaata bilcheessuun waanuma jiru yommuu ta’u, ergaan isaan dabarsuu barbaadan abbaa warraa kee wajiin nyaadhu malee erga inni hojiitti bobba’ee booda nyaata qopheeffattee hinnyaatin jechuu isaaniiti.

Kunis akka aadaa Oromootti dubartiin qofaa ishee nyaattu, kan abbaa warraa ishiitiif hinyaanne hawaasa keessatti jibbamtuu waan taateef ishiinis akka akkana hintaanefi. Bo’oowwan gara dhumaa jiran immoo miinjeen kee yeroo sigaafachuu mana kee dhufe gaggeessuuf fagaattee wajjiin hindeemiin; maal fira ishiitti ergatte jechuun firri abbaa manaa kee si shakku waan ta’eef jechuun gorsu.

Akka aadaatti guyyaa cidhaa irraa kaasee akka obboleessaatti rakkoo intala heerumtu irra ga’uu danda’u hunda ni fura jedhamee kan abdatamu jaala waan ta’eef icciitii keenya dabarsitee nu jalaa himti ykn warra ishiitti waa dhaammatti jedhanii waan si shakkaniif baay’ee wajiin haasa’aa hinturiin dafii mana keetti deebi’i jechuun itti himu. As irratti durbi takka erga heerumtee booda akka bultiin ishii hindiigamne hawaasni Oromoo kun hammam of eeggannoo akka taasisu agarsiisa.

(18) Daandiin Amboo buutuu
Diriiraa karaatii
Jechi haadha ofii
Dibata mataatii
Jechi haadha ormaa
Ciniinnaa garaatii

Weedduu kana keessatti bo'oowwan gara jalqabaa lamaan af-walaloo kana walsimsiisuuf kan galan yommuu ta'u bo'oowwan itti aananii dhufan garuu dibata mataafi ciniinnaa garaa walbira qabuun garaagarummaa haadha ofiifi haadha ormaa intala heerumtu ittiin barsiisu. Dibanni mataa kan mul'atuufi akka rifeensi mataa dheeratee miidhaginni intalaa irra caalaa dabalu kan taasisuudha. Ciniinnaan garaa immoo kan hinmul'anne, himachuuf kan nama rakkisuufii kan baay'ee nama miidhuudha. Kanaaf akka jechi haadha ormaa nama miidhu beektee, of qopheessitee jiruu ishii qofa ilaaltee akka bultu ittiin barsiisu.

#### 4.2.1.4 Qabiyyee Af-walaloo Weedduu Komii Ibsachuu

Akkuma boqonnaa lama jalatti ibsame hawaasni tokko dhiibbaa irra ga'u afoola isaa keessa dhoksee komachaa tureera; ammas ittiin komachaa jira. Weedduu cidhaa kana keessattis dhiibbaa akka fedhii malee heerumuu, umriin osoo hinga'iin heerumuu, dhala ofii irra qarshii jaalachuufi kkf ittiin ibsuuf gargaara. Weedduun kun kan weeddifamu yeroo waarisiisaafi gaafa cidhaa yommuu ta'u haala armaan gadiitti dhiyaateera.

(19) Laga labee labe
Qalloo waamee dhabee
Eessa dhaqxe jennaan
Nan gurgure jettee
Maaf gurgurte jennaan
Qoloon dare jettee
Qoloon kee daarumaa
Dheerechii uffadhuu
Hiriyeen daa'maa
Deebisii dhungadhuu

Weedduun kun waliin dubbii haadha intalaa waliin taasifame fakkaatee kan dhiyaate yommuu ta'u, haalli dhiyaannaa isaa kun qaroomina dubbii Oromoon dur afoola isaa keessa dhoksee kaa'e kan mul'isuudha. Jalqaba irratti laga labee qal'oo waamee dhabe; kan jedhu, baadiyyaatti ijoolleen yeroo baay'ee bishaan waraabuuf, horii bishaan obaasuuf, uffata miiccuuf lagatti walga'u.

Hiriyoonni intalaas bakka dur itti walargan laga keessa oliif gadi jooranii erga waamanii dhabanii booda, kan isaanirra ishiitti dhiyaattu haadha waan taateef eessa dhqxe jedhanii yeroo gaafatan mula'ata. Haatis nan gurgure jettee deebii laannaan deebisanii, maaliif gurgurte jedhanii gaafatu.

Haatis deebistee qoloo waanan dhabeef ittiin uffachuuf jedheen gurgure jettee yeroo deebistuuf ammas deebisanii, qoloon kee uffata malee waan biraa mitii, kanuma qabdu dheeressii uffadhu jedhuun. Itti aansuun hiriyeen garuu daa'imaa, heeruma hingeenye waan taateef deebisiitii

dhungadhu; kan ishiif malu dhungoodha malee heeruma miti; jechuun umrii malee heerumsiisuu ishiitiif haadha ittiin qeequ.

(20) Osoon haamtuu ta'ee

Unkuroo hinunkuruu
Odoon aayyoo ta'ee
Qalloo too hingurguruu
Yaa hundee shunkurtii
Birrii dhumuuf jettee
Ilmoo ishii gurgurtii

Weedduun kunis kan komatu haadha intalaa yommuu ta'u, hiriyoonni intalaa bakka haadhaa ofbuusuun ani osoon si ta'ee ilmoo koo hingurguru; Ati garuu qarshii boru dhumuuf jettee dhala kee gurgurte jechuun haadha intalaa balaaleffatu.

(21) Eemmoo yaa laashoo
Laashoon baalaa
Birriitu caalaa
Jedhe abbaan kee
Surree kee mummurtee
Maal erbacuuf laataa
Qalloo kee gurgurtee
Maal ergachuuf laataa

As irratti immoo murtii abbaan ishiirratti dabarse intalatti kan ittiin himan yommuu ta'u, abbaan kee sirra birrii caalchifateera jedhuun. Abbaa intalaa immoo mummuramuu surreefi gurguramuu intalaa walbira qabuun, osoo itti hin yaadiin lafaa kaatee surree kee yoo mummurte waan itti erbattu waan dhaduuf qullaatti hafuu dandeessa; akkasuma intala kee kan dur siif ergamtu qarshiif jettee yoo heerumsiiste nama ergattu dhabdee rakkatta jechuun komatu.

(22) Eemmoo yaa laashoo
Dirii diimaa
Abbee diinaa
Sigurguruufii
Yaa tiksee jabbilee
Jabbiin hootee
Mee itti siiksii

Yaa abbaa qallayyoo
Qalloon boochee
Saddeeta hiiksii

Intala heerumtuun immoo abbaan kee fira osoo hintaane diina keeti; kan alagaatti dabarsee qarshiin nama gurguratu diina malee abbaa miti jedhuun. Abbaadhaan immoo akkuma jabbileen yeroo qe'eetti dachaasan haadha hodhuuf fiigan tikseen jabbilee itti siiksee deebisu, atis heeruma hambisuu yoo dadhabde intalli kee waan boocheef beellama cidhaa achi fageessi jechuun kadhatu.

(23) Achi gama Sanaa
Leenci sangaa nyaatee
Maa boocha yaa qalloo
Abbee birrii nyaatee
Qalloo ilkaan baddeessaa
Beenu Sin gaggeessaa
Quncee maree
Qurxii baree
Ka'ee hingaluuree

Dhuma irratti erga waa hunda yaalanii booda intala heerumtuun, amma boo'uun kee gatii hinqabu; abbaan kee qarshiidhaan si jijjiiree jira; anis kana caalaa hindhama'uu, beenu sigaggeesseen gara mana kootii gala jedhuun.

Baddeessaan muka baddaa yommuu ta'u firiin isaa yeroo ilaalan tarree galee ija namaatti waan toluuf bareedina ilkaan intalaa ittiin ibsan.

(24) Dhakaan midhaan daakuu
Shiwwi shiwwii jedhaa
Abbaan qalloo keenyaa
Yeroo birrii nyaatuu
Ishoo ishoo jedhaa
Yeroo qalloon baatuu
Iyyuu iyyuu jedhaa
Geeshoon hinulfaatuu
Dalga galchii baadhuu
Situu birrii nyaatee
Yaa aabboo jabaadhuu

Jechuun abbaa duraan diina jedhanii itti murteessan, intala isaa akka jaalatuufi onneen isaa yeroo ishiin baatu akka baay'ee raafamu ibsuudhaan, waan ofii kee raawwattetti hingddin, of jajjabeessi jechuun gorsu.



SUURAA 2 ABBAAFI HAADHA INTALA HEERUMTUU

#### 4.2.1.5 Qabiyyee Af-walaloo Weedduu Imaanaa Kennachuu

Imaanaa eeguun ummata Oromoo biratti waa hunda kan caalu yommuu ta'u, namni imaanaa nyaate hawaasa kana biratti akka namaatti hinlakkaa'amu. Kanaaf yeroo mammaakan "Wanti dubbatan baduu irra kan dhalan baduu wayya" jedhu. Dhala ofii dhabuun baay'ee ulfaataa akka ta'e beekamaadha. Imaanaa nyaachuun immoo ummata kana biratti kana caalaa ulfaataadha. Intalli heerumtus maatii ishii irraa adda baatee deemaa waan jirtuuf sirbaan imaanaa kennatu. Sirbi kunis haala armaan gadiitti dhiyaateera.

(25) Eeleen too eelumaa
Hinseelatte malee
Hiriyeen daa'imaa
Hindheeratte malee
Hundee dimbilaalaa
Sochoosii buqqisii
Hiriyeen daa'imaa
Sossobii guddisii

Weedduun kun immoo, seelachuu eeleefi dheertachuu intala heerumtuu walbira qabuun ibsu. Eeleen seelatteef ykn qarqarri ishii irraa cabeef eelee miti hinjedhamtu. Intalli heerumtu sunis waan hojjaan ishii ol dheerateef qofa durba geessuudha jechuun hindanda'amu. Kanaaf hiriyaan keenya daa'ima waan taateef yoo boochee sirakkifte illee, itti hindheekkaminii sossobii guddifadhu jechuun gurbaa fuudhutti imaanaa kennatu.

(26) Yommuu ciibsaa geechuu
Obboon si gaggeechaa
Yommuu laga ceetuu
Yaa miinjee adaraa
Yommuu mana geechuu
Yaa soddee adaraa
Soddeen ala oolaa
Yaa sayyuu adaraa
Sayyuun boru baatii
Yaa amaatii adaraa
Amaatiin qancaraa
Yaa Waaq sitti adaraa

Jechuun namoota adda addaafi Waaqatti imaanaa kennatu. Hamma ciibsaa geessutti obboleessi ishiituu ishii gaggeesa, yeroo laga geessu garuu obboleessi arguu waan hindandeenyeef akka obboleettii isaatti eeguuf waadaa kan gale waan ta'eef, miinjeetti adaraa yommuu kennatan mul'ata. Yeroo mana ga'an immoo miinjeen mana isaatti waan galuuf gurbaa fuudhetti imaanaa kennatu.

Gurbaan fuudhe immoo, sababa hojiitiin waan ala oluuf sayyuudhaan adaraa jedhu. Erga yaada naannefatanii booda immoo, sayyuun ykn obboleettiin gurbaa fuudhee ofii isheetiifuu waan heerumtuuf imaanaa eeguu waan hindandeenyeef, amaatii ykn haadha gurbaatti imaanaa kennatu.

Ammas takka yaadaniitu amaatiin ofii isheeyyuu qancarteerti waan ta'eef imaanaa keenya eeguuf human waan hinqabneef, yaa Waaq kan hunda danda'u si'ii adaraa jechuun dhuma irratti Waaqatti imaanaa kennatu. Haalli imaanaa kennachuu kunis sabni kun hammam akka dhala isaatiif yaaduufi hunda caalaa Waaqayyoon akka abdatu agarsiisa.



SUURAA 3 HIRIYOOTA INTALA HEERUMTUU

### 4.2.2 Qabiyyee Af-walaloo WeedduuArrabsoo Kan Mana Intala Heerumtuu

Arrabsoon kan arrabsamu cidha dura torbee jiru irraa kaasee hanga guyyaa cidhaatti yommuu ta'u hirmaattonis waarisiisaa irratti dargaggootaafi shamarran naannoo mana cidhaa jiraataniidha. Guyyaa cidhaa garuu kan arrabsoo irratti hirmaatu dhiira osoo hintaane shamarraniifi dubartoota umrii dargaggummaa keessa jiran akka ta'e hirmaattota kana irraa hubatameera.

Arrabsoon aadaa hawaasaa cimsuufi eegsisuu irratti bu'aa hedduu qaba. Mana cidhaatti haadhiyaatu malee gurbaa fuudhuufi intala heerumtu fakkeessuun gocha badaa hawaasa keessa jiru ceepha'uun ittiin sirreessu.

Gochoonni kunniinis kan akka sagaagaluu, sanyii osoo walitti hinqoratin walfuudhuu, diinagdeen walgituu dhabuu, gochoota hawaasni hinjaalanne kan akka hannaa raawwachuufi kkf ta'uu danda'u. Afwalaloon arrabsoo haala kana ibsu armaan gaditti dhiyaateera.

#### 4.2.2.1 Arrabsoo Eenyummaa gurbaa ittiin tuffatan

(1) Yaa hiyyoolii koo (ceesisa)
Beenu baddaa baanaa
Ce.
Yaa baddaa daree
Ce.
Hindhalu hindhalchuu
Ce.
Yaa sangaa saree
Ce,
Ejersa gaaraa
Ce.
Jala muranii
Ce.
Ee gurbaan edaa
e.
Dhallaan dhoksanii
Yaa michuu jara sanii
Dil'uunuu jala shanii yoonaa

Arrabsoon kun kan dhiirummaa gurbaa ittiin qeeqan yommuu ta'u eenyummaa gurbaa gadi cabsuun sareen erga walqixxeessanii booda, saree keessaayyuu isa kolaafame waan taateef hindhalchitus, hindhaltus jechuun arrabsu. Deebisaniitu immoo yaada isaanii jijjiiruun gurbichi dhiira akka

hintaaneefi akka dhalee ciisu, dil’uun shan akka jala jiru ibsuun ati michuu jara sanaati jedhuun. Ifatti himuus baatan jarri shan dhaluu danda’an saree yookiin bineensota biroo ta’uu danda’u.

Kanaaf gurbichaan ati isaan keessaa isa tokkoodha jedhuun. Gurbaan dhiira ta’uu isaa osoo beekanii waan hiriyaa isaaniitiin adda isaan baaseef jecha haaloo ba’uuf arrabsu. Dhiirri akka dubartiitti dhaluun waan uumama keessa hinjirreefi qaanii waan ta’eef warri isaa dhoksan jechuun sirbaan gurbicha hamatu.

(2) Yaa hiyyoolii koo (ceesisa)
Baddaattan argee
Ce.
Sorsa urgaa’uu
Ce.
Ani sodden argee
Ce.
Dhiira ulfaa’uu
Gaarri gamaa giraabaa
Siyaa gobuu yaa gurbaa
Wadalli harree sidaamaa
Isatu gobee si dhaabaa yoonaa

Bo’oowwan jalqabaa lamaan af-walaloo kana walsimsiisuuf galan baddaattan arge sorsa urgaa’u kan jedhu, akka aadaa Oromootti dur dubartiin sorsa muka gosa adda addaa irraa qopheeffattee ulatti. Bo’oowwan itti aanan immoo dhiirri ulfaa’ee hinbeeku; sodden garuu ulfaa’ee jira waliin jedhu.

Itti dabaluunis waan dhalli namaa rawwachuuf hinmalle wadalli harree keessaayyuu kan sidaamaa sitti haaroorrisu jechuun arrabsu. Ati sagaagaltuu waan taateef oliif gadi fiigdaa, dhalli namaa siif hinta’u waan ta’eef harreen sidaamaa siif ta’a; yoo san oliif gadi jooruu dhiifta jedhuun.

Oromoon aanaa kanaa sidaama kan jedhee waamu saba Amaaraatiin yommuu ta’u, baroota darban keessa lafa irraa isaan buqqisuun isaan cunqursaa waan turaniif isaan dhiisii harreen isaaniiyyuu waan gadhee waan raawwatuuf si yaa gadheessu jechuun arrabsu.

Akka amantaa kamiittuu dhalli namaa bineeldota waliin qunnamtii raawwachuun waan jibbisiisaafi kan lubbuu namaallee adabsiisuudha. Arrabsoon kun Oromoonis durii kaasee amantaa gocha gadhee akkasii ittin balaaleffatu qabaachuu isaa agarsiisa.

(3) Yaa hiyyoolii koo(ceesisa)
Yaa siree golaa
Ce.

Sirran dhaabadhaa
Ce.
Sibee yaa soddee
Ce
Nadhummaaf male
Ce.
Sittan dhaadadhaa
Baddaan cidii bobeessaa
Hudduun soddee yaa ijoollee
Simaabaloo odeessaa
Irraa muraa bobeessaa
Hinmurinaa barreessaa
Yoosan sirriitti odeessaa yoonaa

Af-walaloon arrabsoo kun gurbaadhaan ani osoon nadheen ta'uu baadhee waanan ittiin si caalu baay'een waan jiruuf sittan dhaadadha ture jedhuun. Kunis akka aadaa Oromoo naannoo kanaatti dubartiin kan hindhaadanne ta'uu agarsiisa. Kana malees bocni qaama isaa jibbisiisaa akka ta'eefi yeroo deemu hudduun ykn teessumni isaa garmalee guddatee asiifi achi kan raafamu ta'uu agarsiisa.

Jechi "Simaabaloo" jedhu kun jecha namni tokko dubbate afaan biraatti hiikuun dubbachuu yommuu ta'u, akka arrabsoo kanaatti immoo, teessumni gurbaa gamaa gamanatti socho'uu yommuu ta'u, dhiirri akka dubartii teessoo guddatu akka qaaniitti waan lakkaa'amuuf irraa muraatii bobeessaa jechuun arrabsu. Deebisaniitu immoo lakkii hingubinaa isa irraa murtan sana diriirsaatii irratti barreessaa lafa kaa'aa yoosan namni hunduu dubbisee irra caalaa eenymmaa isaa hubataa jedhuun.

#### 4.2.2.2 Arrabsoo Sanyummaa

(4) Goohewoo mogiyyoon goohewoo
Bee gurbaan farad nyaachaa bulee
Irratti ajjeesanii warrisaa booyewoo
Mogiyyoon goohewoo (ceesisa)
Ani singituu
Ce.
Kan gita keetii
Ce.
Saree siifiduu
Ce.
Sareen guddisaa

Ce.
Siyyuu cubbisaa
Ce.
Harree siifiduu
Ce.
Harreen horiidhaa
Ce.
Sanyii qurciidhaa
Ce.
Bee soddee loolleen
Farda nyaachaa bulee
Irratti ajjeesanii
Warrisaa booyewoo
Mogiyyoon goohewoo

Ceesisni arrabsoo kanaa “Mogiyyoon goohewoo” jedhamuun kan beekamu yommuu ta’u lagni Mogor guutee goohe ykn huurse yaada jedhu ofkeessaa qaba. Arrabsoon kun immoo sanyiin gurbaa fuudhuufi intala heerumtuu akka walhingitne agarsiisa. Kanaaf kan gita isaa ta’uu malu gurbicha filachiisu. Dura saree fuudhuu siif wayyaa jedhanii erga gaafatanii booda immoo ofumaa isaanitii deebi’anii, lakkii sareen kan namni guddise waan taateef si cubbisti jedhuun. Filannoo lammaffaa irratti immoo harree yoo sii fidne siif taati mitii jedhanii erga gaafatanii booda, lakkii hareen horii waan taateef siif hintaatuu ati sanyii qurciiti jechuun arrabsu.

Akkaa amantaatti gosti qurcii yoo nama biraa fuudhe ijoolleen dhalatan ni qurcaa’u ykn qubni harkaafi miilaa irraa ciccitee harca’a jedhamee waan amanamuuf Oromoon osoo sanyii walitti hinqoratiin walitti hinheerumsiisu; walirraas hinfuudhu. Kana malees gurbichi sanyii budaa waan ta’eef osoo halkan waraabessa waliin farda nyaatuu irratti ajjeesanii warri isaa boo’aa jiru jechuun walitti himu.

(5) Aaayyo haati too
Mogiyyoon goohewoo (Ceesisa)
Lafa hindhaabbattuu
Ce.
Madabii malee
Ce.
Si bee yaa gurbaa
Ce.

Haati tee sunii

Ce.

Dhirsa hinjaalattuu

Ce.

Sigabaa malee

Ce.

Sigabaa harree

Ce.

Bee gurbaan

Farda nyaachaa bulee

Irratti ajjeesanii

Warri isaa booyewoo

Mogiyyoon goohewoo

Arrabsoon kun haadha intalaa jajuudhaan qananiituu waan taateef madabii irra yoo ta'e malee lafa kan hinijjanne ta'uu ishii ibsuun, haadha gurbaatiin immoo sigabaa malee dhirsa hinjaalattu jechuun arrabsu.

Sigabaan dhiira dubartii abbaa warraa hinqanetti osoo abbaa warraa seeraa hinta'iin mana isaa dhiisee itti galuudha. Akka maanguddoonni aanaa kanaa jedhanitti sigabaan niitiin dhirsa hinqabne ijoollee ishii seeraan kunuunsitee akka hinguddifne waan taasisuuf, ijoolleen abbaa hinqabne akka beela'aniifi akka daaran taasisa.

. Kunis hawaasa biratti baay'ee jibbamaa waan ta'eef yeroo buttaa qalan akka seera Gadaatti barbaadameetu adabama. Kanaaf haati gurbaa sigabaa keessaayyuu kan harree jaalatti jechuun namummaa ishee gadi xiqqeessu.

(6) Aayyo haati too

Mogiyyoon goohewoo (Ceesisa)

Elemaa galtii

Ce.

Qabee baattetoo

Ce.

Si bee yaa gurbaa

Ce.

Haati tee sunii

Ce.

Yuusadhaa galtii

Ce.
Lafee baattetoo
Ce.
Bee soddee loolleen
Farda nyaachaa bulee
Irratti ajjeesanii
Warri isaa booyewoo

Af-walaloon arrabsoo kanaas haati intalaa haadha loonii waan taateef qabee aannan itti elmite baattee gala jirti jechuun kan faarsu yommuu ta'u haadha gurbaatiin immoo, waraabessa waliin yuusaa bulteetu lafee halkan foon irraa qorqaa bulte afaaniitti baattee galaa jirti jechuun arrabsu.

(7) Kashaasha himaa yaa eeboo (Ceesisa)
Abbayi abbaan koo
Ce.
Guddicha duufaa
Ce.
Si bee yaa gurbaa
Ce.
Abbaan kee sunii
Ce.
Guyyaadhaan yuusaa
Ce.
Yoo sodden du'ee jedhanii
Haadha isaatti hasaasaa himaa
Sanyoo isaatti ol fuudhaa himaa
Haanyaattu lafee qorqitee
Firaaf lammiisaa dhoksitee
Kashaasha himaa yaa eeboo

Arrabsoom kun immoo abbaan intalaa qaamaan guddaa kan ta'eefi siimboo qabeessa jechuun jajuudhaan kan gurbaa immoo, sanyii waraabessaa kan guyyaadhaan yuusu jechuun arrabsu. Gurbaa fuudhuuf immoo du'a hawwuudhaan, yoo gurbaan du'e jedhanii isinitti himan haadha isaatti gurratti jedhaatii hasaasaa itti himaa; sanyoo isaatti immoo sagalee keessan ol fuudhaatii itti himaa waliin jedhu.

Kana jechuun isaanii tarii haati waan garaa laaftuuf yoo du'a ilma ishii dhageessu naatee waan miidhamtuuf suuta itti himaa waan jedhan fakkaata. Sanyoon isaa garuu yoo inni du'es dhimma isaa

waan hinqabneef sagalee ol fuudhaatii itti himaa; inumaayyuu lafee isaa osoo lammiifi firri isaa hindhagayiin qorqitee haanyaattuu jechuun arrabsu.

Akka maanguddoota naannoo irraa hubatametti arrabsoon bu'aa hedduu akka qabuudha. Kunis qaawwa jiruufi jireenya dhala namaa keessa jiru agarsiisuu irratti gahee guddaa qaba. Gaa'elli kabajamaa waan ta'eef cal jedhameetuma kan itti seenamu miti. Kan fuudhus kan heerumsiisus dursanii walqorachuu qabu.

Yeroo ammaa kana aadaan kun laafaa waan dhufeef gaa'elli hedduun diigamaa jira jechuun ibsanii jiru. Arrabsoon kunis kan itti fufu osoo hintaane hanga guyyaa cidhaatti kan arrabsamu yommuu ta'u, sana booda seera guutuun wal araarfachuudhaan walsafeeffatanii wajjiin jiraatu.

(8) Obbol obbolii
Kashaasha himaa yaa eeboo (Ceesisa)
Obboleettiin too
Ce.
Diimtuu angaatuu
Ce
Sibee yyaa soddee
Ce.
Obboleettiin tee
Ce.
Kan gaana ooltuu
Ce
Haadhanngalaatuu
Yoo sodden du'e jedhanii
Haadhasaatti hasasaa himaa
Sanyoosaatti ol fuudhaa himaa
Haanyaattu lafee qorqitee
Firaaf lammiisaa dhoksitee
Kashaasha himaa yaa eeboo

Buufanni arrabsoo kun immoo obboleettii intalaa jajuudhaan obboleettii gurbaa garuu sagaagaltuu namoota hedduu waliin walqunnamtu akka taate himuun arrabsu. Akka aadaa hawaasa naannoo kanaatti dhiirrii sagaagaluufi dubrtiin sagaagaltu fudhatama hinqaban. Arrabsoon kunis akka durbi gaa'ela dura of eeggannoon kabaja ishee eegdee jiraattu akeekkachiisa.

Akka maanguddoonni biyyaa ibsanitti, dur naannoo kanatti durbi gaa'ela dura wal qunnamtii saalaa raawwatte namni ishii fuudhu waan hinjirreef haftuu taatee mana warraatti hafti; ykn suubbootti heerumti malee qeerroon seera guutee ishii hinfuudhu. Yoo of dhoksitee heerumte illee salphina guddaadhaan gara maatii ishiitti deebiti; yookiin umrii ishii guutuu arrabsamaa abbaa warraa ishii biratti kabaja dhabdee jiraatti. Yeroo ammaa kana garuu aadaan kun laafaa waan dhufeef abbaan arge akka fedhetti walfuudhaa jira.

**4.2.2.3 Arrabsoo Diinagdeen walqabate**

(9) Yaa hiyyoolii koo (Ceesisa}
Yaa mariisisaa
Ce.
Kajeellaan soddee
Ce.
Nama naasisaa
Yaa soddee yaa sururii fuula xuri
Garbicha keenya durii
Kan amma boonu kunii yoonaa

(10) Yaa hiyyoolii koo
Yaa lafa baddaa
Ce.
Yaa karaa shinoo
Ce.
Si bee yaa gurbaa
Ce.
Yaa hattuu shiroo
Ce.
Yaa soddee ija takkaa yaa kalaabsuu
Kan hafteyyuu siyaa jaamsuu
Waaqni abbaa keetii

Akka aadaa Oromootti namni hojii dhiisee kajeellaadhaaf gandarra oliif gadi jooru kabaja hinqabu. Arrabsoon armaan olii kunis gurbaan intala fuudhu waan nyaatu illee kan hinqabneefi kajeellaadhaaf mana namaa irra kan jooru ta'uusaa ibsa.

Fuulli isaas kan nama jibbisiisuufi qulqullina ofiillee kan hineegganne ta'uusaa ibsuudhaan, ati bee dur hiyyeessa warra keenyaa tajaajilaa guddatteedha. Kanaaf of hintuuliin eenyummaa kee sirriitti beekna waan ta'eef jechuun arrabsu.


Itti aansuunis, ati hiyyeessa keessaayyuu isa homaa hinqabne waan taateef shiroo hatta jedhuun. Sana biratti immoo ati kalaabsuu ija takkaa waan taateef kan hafteyyuu Waaqni abbaa keetii siyaa jaamsu jechuun abaaru.

#### 4.2.2.4 Arrabsoo Guyyaa Cidhaa Yeroo Hamaamonni Qe'ee Warra Intalaatti Dhiyaatan Arrabsamu

(11) Yaa hamaamoo eechatti as yaatuu
Ijji abbaa kee yaa dhangalaatuu
Utubaa baabbuu (Ceesisa)
Hindhufinii yaa gurbaa
Gobamiitii waqariitee
Qabadhuu dhaaphuu

As irratti immoo yeroo hamaamonni gurbaa gara warra intalaatti dhiyaatan hiriyoonni intala heerumtuufi dubartoonni gadi ba'uun, ijji abbaa keessanii haadhangalaatuu as hindeeminaa jechuun hamaamota arrabsu. Gurbaa fuudhuun immoo farda isaa jalaa tuffachuun tuni waqarii ykn farad fe'iisaati malee farda misirroon yaabbatuu miti; ishiidhuma qabadhuu dhaaphu malee as hindeemiin jedhuun.

Gaa'ela qorattuun daawwatte irratti garuu gandi Talacoo, Gabaa Roobiifi Gooroo Qeerransaa daanddii konkolaataa waan qabuuf gaa'elichi fardaan osoo hintaane konkolaataadhaan raawwatame.



SUURAA 4 YEROO HAMAAMONNI GURBAA GARA WARRA INTALAATTI DHIYAATE

(12) Utubaa baabbuu

Beenuma beenuu

Ce.

Beenu sin geessaa

Ce.

Dhiira hingeessanii

Ce.

Dargaggooni asii

Ce.`

Siyaa gadheessanii

Utubaa baabbuu

Hindhufinii yaa gurbaa

Gobamiitii waqariitee

Qabadhuu dhaaphu

Akka aadaa ummata Oromootti dhiirri akka dubartii waliin ciisutti dhiira waliin hinciisu. Kanaaf arrabsoo kana keessatti dhiira hingeessan jechuun yaada kana yeroo ibsan mul'ata. Gurbaa fuudhuun garuu ati dhiira waan hintaaneef beenu dargaggoo asiitti sigeessinaa, kun gadhummaa waan ta'eef isaan siyaa gadheessan jechuun arrabsu.

#### 4.2.2.5. Arrabsoo Yeroo hamaamonni qe'ee warra intalaa ga'an arrabsamu

(13) Mishingaa gahoo haamanii

Bee soddeen waan kennu dhabnaan

Gobanii ciibsaa dhaabanii

Maarashaa qoonqoo kaa'anii

Akka aadaatti warri gurbaa waan seerri gaafatu akka aadaa naannootti uffataafi faaya intalaa, uwwisaa maatii akkasumas qarshii warri intalaa gaafatan yoo jaarsi dursee seenee raawwate ykn guute malee gara qe'ee warra intalaatti ol hiseenamu. Kanaaf hamma waan seerri sirraa eegu guuttutti ol hinseeninii waqarii tee qabadhuu dhaabadhu jechuun arrabsu.



SUURAA 5 YEROO JAARSOLIIN WARRA INTALAA JAARSA WARRA GURBAA IRRAA WAAN FIDEE DHUFE FUUDHAN



SUURAA 6 KENNAA GURBAAN INTALAAFI WARRA INTALAATIIF FIDE

(14) Ulee murte seerradhu mee (Ceesisa)

Gurbaa minniin sirra yaatii

Biddeeniif waxiitti buutii

Wajjiin nyaattaa eeggadhu mee

Yeroo hamaamonni olseenanii iddoo isaaniif qophaa'e taa'anii nyaata eegalan warri durbaa isaan irraa xiqqoo siqanii dhaabbachuun akka isaan hinnyaanne jecha nama jibbisiisuun gurbaafi hamaamota arrabsu. Akka maanguddoonni naannoo kanaa kun jedhanitti warri intalaa osoo warra gurbaatti hinboonin yoo intala itti kennan akka waan kabajni isaanii gadi bu'eetti lakkaa'ama.

(15) Qe'een abbaa kootii

Ulee murte seerradhu mee (ceesisa)

Abeeti yaa leensaa

Ce.

Dheeda fardeenii

Ce.

Qe'een abbaa keetii

Ce.


Abeeti yaa reenfaa

Ce.

Reenfa nadheenii

Arrabsoon kun "Ulee murte seerradhu mee" jedhamuun kan beekamu yommuu ta'u, ulee seerrachuu jechuun gurbaan yeroo intala kaadhimmatu ulee qal'oo mureetu coqorsa jiidhaa waliin mana intalaatti ergata. Uleen kunis mallattoo waadaa ta'uun hanga guyyaa cidhaatti baaxii mana warra intalaatti suuqamtee turti. Kanaaf arrabsoo kana keessatti seera ulee kana kabaji malee hincabsiin yaada jedhu ofkeessaa qaba. Haalli arrabsoon kun ittiin dhiyaatus qe'ee abbaa intalaafi qe'ee abbaa gurbaa waliin madaaluuni.

Qe'een abbaa ishee kan leensaan itti biqileefi kan fardeen keessa dheedan jechuun jaju; kan abbaa gurbaa immoo kan reenfi nadheenii keessa guuteedha jechuun arrabsu. As irratti reenfi reenfa hincaalu; bo'oon reenfa nadheenii jedhu kun garuu ilaalchi hawaasni kun dubartiif qabu kan dhiiraatii gadi ta'uu agarsiisa.



**SUURAA 7 YEROO HAMAAMONNI GURBAA WARRA INTALAATTI AFFEERAMAA JIRAN**

### 4.2.3 Dhaamsa Qabiyyee Af-walaloo Weedduu Waarisiisaafi Guyyaa Cidhaa Kan Mana Gurbaa

Weedduun mana gurbaas akkuma kan mana intalaa waarisiisaa irraa kaasee hanga guyyaa cidhaatti kan itti fufu yommuu ta'u ergaan inni hawaasaaf dabarsus haala armaan gadiitti qaacceffamee hiikameera.

#### 4.2.3.1 Qabiyyee Af-walaloo Weedduu Waarisiisaa Jaalala Ibsu

Weedduun waarisiisaa mana gurbaa jaalala kan ibsu yommuu ta'u, yeroo ammaa kana sirboota ammayyaatiin bakka buufamaa akka jiru maanguddoonni kun ibsaniiru. Akka Aaddee Loomii Bushuufi Obboo Taaddasaa Dagafuu jedhanitti weedduu dur naannoo kanatti waarisiisaa mana gurbaatti weeddifaman keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti:

(1) Daalachi kee yaa Wayyeechaa
Kooraan gubbaa cidiidhaa
Jaalalli kee namacheechee
Akka farsoo qamadiidhaa

Weedduun kun jaalala dhiiraafi dubartii gidduu jiru kan ibsu yommuu ta'u dhiiratu dubartiidhaan jaalalli inni ihiif qabu baay'ee guddaa ta'uusaa machii farsoo qamadiitiin walbira qabee ibsaaf. Egaa waarisiisaa irratti sirbi akkasii akka dargaggoonni sodaa malee jaalala shamarraniif qaban ittiin ibsatan taasisuun hariiroo cimaa gidduu isaaniitti uuma jechuudha.

(2) Yoo qotte gaara qotii
Hurufni nuugii ta'aa
Yoo sobde nyaaraan sobii
Tuttuqaan xuurii qabaa

Weedduun jaalalaa kun immoo yoo sobdes nyaarumaan waan najaalatte fakkeessi malee qaamaan nan tuqiin jechuun akeekkachiisa. Yeroo ammaa kana haalli jijjiiramaa dhufullee akka maanguddoonni aanaa kanaa qorattuuf ibsanitti hawaasa Oromoo kana biratti intallii durbaa qaamaan dhiiratti maxxanuun yookiin waltuttuquun qaaniidha.

Yeroo sirbanis mormaan walitti sirbu malee akka shamarran wal hammatanii sirbanitti dhiiraan walhammatanii sirbuun dhoorkaadha. Kunis safuu hawaasaa eeguu keessatti akka durbi gaa'ela dura gocha hinbarbaachifne keessa hingalle of eeggannoo taasisuuf bu'aa hedduu qaba. Kanaaf sirba kana keessatti qaamaan waltuttuquun gaarii akka hintaane waliif ibsu.

(3) Irraan gadee mana Jootee
Kaamiyooniin konkolaatee
Maa boocha maa dhangalaataa

Baallee ijaa billic gootee

Weedduun kunis kan ibsu jaalala dhiiraafi dubartii gidduu jiru yommuu ta'u, dhiiratu dubartiidhaan maaliif akkasitti boocha jedhee gaafata. Tarii kan ishii boochise fageenya ykn jaalala isaanii gidduu gufuun wayii jiraachuu danda'a. Haata'uutii inni dhiiraa "Baallee ijaa billic gootee" jechuun isaa bareedina ija ishii ifa wajjiin walfakkeessuun yeroo jaalala ishiif qabu ibsu mul'ata.



SUURAA 8 HIRMAATTOTA WEEDDUU WAARISIISAA MANA GURBAA

#### 4.2.3.2 Qabiyyee Af-walaloo Weedduu Gaggeessaa Kan Mana Gurbaa

Weedduun gaggeessaa kan sirbamu obboleewwan gurbaafi dubartoota naannootiin yommuu ta'u faayidaan isaas jajachuuf, jaalala maatii ittiin ibsuuf, eebbisuuf, gorsuuf akkasumas akeekkachiisuuf gargaara. Sirboota gaggeessaa keessaa muraasni haala armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

(4)Yaa abaaboo abaaboo lalii

Lammacha koo oofkalii galii

Erbee buusaa erbee teechumaa

Siyaa oofkalchuu Waaqni eechumaa

Weedduun mana dhiiraa kun iddoo hundatti gaalee "yaa abaaboo" jedhu kan ofkeessaa qabu yommuu ta'u akkuma abaaboon firii argachuuf ka'umsa ta'e gaa'ellis namummaa guutanii hidda dhalootaa babal'ifachuuf bu'uura waan ta'eef walbira qabuun sirbama. Buufata kana keessatti gurbaan fuudhu dardara fuudhaaf ga'e ta'uusaa ibsuuf lammacha koo jechuun faarsu.

Akka aadaa hawaasa Oromoo kanaatti misirroon yeroo manaa ba'u erbee ykn itillee irra taa'eetu maatiifi lammiin eebbifamee, haadhaan dhadhaa muudamee gara warra intalaatti imala. Kunis akka carraa hamaan isa hinarganne Waaqatti dabarsanii kennuuf jedhameeti.





SUURAA 9 YEROO GURBAAN DEEMUUF BA'U

(5) Ulee qal'oo looniin eeganii

Ati oofkalchii ateetee aayyoo

Dirree ooluu sirra hinbeekanii

Yaa abaaboo yaa abaabayyuu

Siyaa oofkalchuu Waaqni akaakayyuu

As irrattis sirba fakkeessanii ateetee haadha isaatiin, bakka inni oolu nuti sirra hinbeeknuu kan nurra waahunda beeku si waanta'eef ati nuuf eegi jedhanii yeroo kadhataniif mul'ata. Dabalataaniis Waaqni akaakayyuun kee waaqeffachaa ture siyaa eegu jechuun eebbisu. Akka aadaatti Oromoon Waaqa tokkichatti amana. Haata'uutii haalli kadhannaa sirba kana keessatti mul'atu kun hawaasni kun amantii waan qabu hunda humnoota isa caalu jedhamanii abdatamanitti imaanaa kennachuusaa agarsiisa.

(6) Yaa leemmatoo bidden wajjinuu

Siyaa oofkalchuu miinjee wajjinuu

Yaa abaaboo abaaboo keelloo

Hinbareeddii yaa fuudha qeerroo

Akkuma leemmatoon bidden waliin yeroo dhiyaatu namatti tolu misirroonis jaala waliin yeroo dhaabbatu namatti tola. Kanaaf miinjee kee waliin Waaqni siyaa oofkalchu jechuun eebbisu. Bo'oon gara dhumaa bareedina fuudha qeerroo kan ibsu yommuu ta'u, karaa alkallattiitiin fuuti suubboo hinbareedu jechuu isaaniiti.

Akka hawaasa kanaatti suubboon adeemsa fuudhaafi heeruma durba dubbatanii fuudhuu keessatti akka qeerroo carraa bal'aa hinqabu. Yoo fuudhe illee haftuu fuudha malee kan barbaade fuudhuu hindanda'u. Akka maanguddoonni jedhanitti seerri kun yeroo ammaa kana cabaa jira.

(7) Sintuulladhaa yaa koboota koo
Bitaan bayii mirgaan naagalii
Yaa taaboota koo

(8) Yaa abaaboo jette gaayyoonii
Tokkicha koo jette aayyoonii

Akka maanguddoonni qorattuuf ibsanitti bitaan hanquu ykn akka milkii badaatti waan lakkaa'amuuf misirroon bitaan hingalu. Yeroo ba'u garuu hanquu ta'ee ba'a waan ta'eef bitaadhaan ba'a. Yeroo galu immoo mirgi mallattoo injifannoo waan ta'eef guutuu ta'ee mirgaan gala. Kanaaf bitaan bayii mirgaan naaf gali jechuun gaggeessu. Buufanni itti aanu immoo jaalala haadhaafi gurbaa ibsa.

(9) Bahee bahee ala dhaabbataa
Keechummaa koo jedhee dhaammata
Keechummaa kee siifan gaggeechaa
Dafii koottuu baha addeechaa

Weedduun kun misirrichi waa'ee namoota cidha irratti affeeramanii akka hinyaaddofne, anuu keessummaa kee siifan gaggeessa waan ta'eef hinyaadda'iin; ati garuu hammamiyyuu yoo turte ba'a addeessaa hindabarsinii dafii gali jechuun akka yaaddoo tokko malee gammadee oolu ittiin taasisu.

(10) Warqeen baalaa
Warqiyyeen baalaa
Shanis jedhan shantamas jedhan
Fidiitii koottuu birmaduutu caalaa
Yaa abaaboo yaa abaabilee
Fudhuu galii gala jabbilee

Akka hawaasa Oromoo aanaa kanaatti dhiirri tokko yeroo fuudhu warra intalaatiif qarshii kenna waan ta'eef, yoo qarshii baay'ee sigaafataniyyuu kenniitii intala fudhuu gala jabbilee koottu; qarshii irra dhala namaatu caalaa jechuun gorsu.

(11) Nyaadhu jedhuu bidden gaggabsaa

Hinmufatin yaa obboleessaa

Warri achii nama arrabsaa

Weedduun kun immoo warri soddaa akka arrababsan dursanii itti himuun, kun waanuma jiru waan ta'eef hinmufatiin jechuun gurbaa gorsu.



SUURAA 10 HIRMAATTOTA WEEDDUU MANA GURBAA

#### 4.2.3.3 Qabiyyee Af-walaloo Weedduu Gaggeessaan Boodaa

Gaggeessaan booda shamarraniifi dubartoonni yeroo dhufaatii gurbaa eegan weedduu adda addaa weeddisaa waltajjii cidhaa san ho'isaa eegu. Weedduuwwan kanneen keessaa muraasni kan armaan gadiiti:

(12) Hamaa gootaa yaa hamaa gootaa

Fuutee hingaltuu maal achii gootaa

Qe'ee soddaa dhaabachuun hoodia

Deebiteellee walbaruun boodaa

Weedduu kana keessatti bo'oo lammaffaan fuutee hingaltuu maal achii goota kan jedhu kun, gurbichi dhaga'uu baatus akka waan dhaga'uutti lakkaa'udhaan dafii intala fudhuu koottu; qe'ee warra soddaa turuun qaaniidha; walbaruu yoo barbaadde yeroo biraa deebitee gaafachuu dandeessa jechun itti dhaamu.

(13) Obboon turee maa turee laataa

Lakkii hinturree karraat fagaatee

Karaa motiii waancaat xiqaatee

Waancaa motii warrat dhoowwatee

Warraa motii dhufee dhiyaatee

Jechuun maaliif akka ture mala dhahu. Karaan fagoo waan ta'eef kanaaf ture erga jedhanii booda, lakkii karaan fagaatee osoo hinta'iin waancaatu walga'uu dide; kanaaf osoo eeggatuu ture waliin jedhu. Kunis qophiin warra soddaa xiqqoo ta'uufi hamaamota gurbaa kan walhingeenye ta'uu hinoolu erga jedhanii booda, lakkii waancaan xiqqaatee osoo hintaane warra intalaatu intala dhoowwate ta'a waliin jedhu. Jechi waancaa jedhu kun akka aadaa hawaasa naannoo kanaatti meeshaa gaanfa horii irraa tolfamu ta'ee kan namoonni kabajamoo ta'an booka ittiin dhuganiidha. Kanaaf waancaan abbaa qaba. Waancatu xiqqaate jechuun kun tarii warri intalaafi warri gurbaa sadarkaa jireenyaatiin walgituu dhabuu isaanii ibsuufis ta'uu mala.

#### 4.2.3.4 Qabiyyee Af-walaloo Weedduu Simannaa Kan Yeroo Hamaamonni Dhiyaatan weeddifamu

Weedduun simannaa Weedduuwwan kamirrayyuu waltajjii cidhaa kan ho'isu yommuu ta'u yeroo hamaamonni gurbaa dhiyaatan irraa jalqabee hanga gar-jaleen fardaa furamutti weeddifama.

(14) Karaan gamaa daagimaa jedhaa

Obboon dhufee yaa obboleeyyan koo

Leemmatoo fudhaa na simaa jedhaa

Yaa abaaboo geesheen hurrumaa

Hintolchitee yaa obboleessaa

Duubaan dulluma

Weedduu kana keessatti akka ibsametti akka hawaasa kanaatti yeroo misirroon fuudhee galu obboleewwan gurbaafi dubartoonni fira ta'an leemmatoo alalaa halluu adda addaa qabu irraa hodhanii qopheeffatan hidhataniitu sirbaa utaalaa simatu. Kanaaf obboon dhufee na simadhaa jechaa jira jechuun walkakaasanii gara hamaamotaatti weeddisaa bahu.

Bo'oon gara dhumaa immoo gaa'elli yeroo qabaachuusaa ibsa. Waliin hojjatanii qabeenyaa horachuufis ta'ee ijoollee argatan seeraan kunuunsanii guddisuuf yeroon bultii ijaarrachuun gaariidha. Kanaaf duubaan dulluma jechuun isaanii erga umriin fagaatanii booda fuudhuun ykn heerumuun hawaasicha biratti fudhatamni isaa xiqqaa ta'uusaa agarsiisa.

(15) Baala ceekaa yaa baala ceekaa

Obboon dhufee eechattan eegaa

Anuu beekaa ciibsaattan eegaa

Ciibsaa motii boroottan eegaa

Boroo tolii micayyoo horii

As irratti immoo yeroo gurbaan dhufu gammachuu irraa kan ka’e bakka itti eegan illee filachuuuf rakkachuu isaanii agarsiisa. Takka ciibsaattan eega erga jedhanii booda immoo, deebisuun lakkii boroo wayyaa achittan eega jechuun, misirrittiidhaan immoo boroo tolii jedhuun. Boroon oddoo keessa karaa mana duubaa yommuu ta’u bakka maatiin ija namaa jalaa dahatanii itti mari’atan akkasumas bakka kuduraafi muduraaleen adda addaa keessa dhaabbatuudha. Kaamettummaan dubartiis boroo isheetiin madaalama. Kanaaf intala akkamii fuutee akka dhufte boroottan sirriitti siif ilaala erga jedhanii booda intalaan boroo toli jechuun eebbisu. Boroo toli jechuun immoo akka maanguddoonni jedhanitti milkii toli, haadha karraa, haadha maatii, haadha qe’ee ta’i jechuu isaaniiti.

(16) Aduun dhiitee eelee hindhaabbattuu

Onnii maaloo haadhatoo maaloo

Obboon dhufee baatee hindaawwattuu

Hawaasni Oromoo aanaa kanaa jaalala haadhaaf qabu onneen walfakkeessuun onnii ykn onniyyoo jedhee waama. Kanaaf haadha gurbaatiin obboon dhufee golaa bayiitii daawwadhu maaliif mana keessa turte jechuun alatti gadi waamu.Kana malees hawaasni kun obboleessa hangafa “Obboo” jedhee waama malee maqaadhaan hinwaamu. Jechi “Obboo” jedhus kabajaafi jaalala obboleessaa ibsuuf obbole, obboleessa koo kan jedhu irraa kan dhufe yommuu ta’u guutummaa hawaasa oromoo tuulamaa biratti beekamaadha.





SUURAA 11 YEROO GURBAAN INTALA FUUDHEE CIIBSAA GA’U

(17) Yaa kusaayee yaa shokoksituu

Haati obboo sirba hinobsituu

Gadi waamaa yaa tottolchituu

Weedduun kun immoo akka haati gurbaa gammachuu ishii sirbaan ibsattu, haati obboo duruu sirba jaalatti waan ta'eef har'a cidha ilma ishiitii sirriitti haasirbituu gadi waamaa waliin jedhu, Kunis kan agarsiisu haati cidhaa sirba irratti osoo hintaane akka keessummoonni seeraan affeeraman waan gola keessatti hojjetamu to'achuu irratti yeroo dheeraa dabarsuu ishiiti.

(18) Yaa abaaboo geesheen daraartee

Haati obboo deechee badhaatee

Yaa abaaboo shaambal shaambalii

Haadha obboo yaa bareeda too

Ammas dayii ilma dabalii

Deessuun ummata Oromoo biratti kabajamtuudha. Kanaaf haadha gurbaatiin ilma akkanaa dahuu keetti ni badhaate waan ta'eef ammas ilma akkasii daddabalii dayi jechuun faarsu.

#### 4.2.3.5 Qabiyyee Af-walaloo Weedduu Simannaa Kan Kooraa Hiiktuu Ittiin Qeeqan

Akka aadaa hawaasa Oromoo aanaa kanaatti kooraa hiiktuun obboleettii hangafa yookiin obbolaa durbaa keessaa kan umriin caaltu yommuu taatu yeroo obboleessi fuudhee galu farada inni yaabbatee gale harkaa fuudhuun erga kooraa irraa hiiktee booda fardaaf biqila laattiif.

Kunis kanta'uuf dubartiin deessuu waan taateef intalaaf milkii gaarii akka taatuuf yaadamee yommuu ta'u, biqillis akkasuma mallattoo lalisuufi sanyiin baay'achuu waan ta'eef fardi gurbaa akka nyaatu taasifama. Kanaaf kooraa hiiktuun kabaja guddaa waan qabduuf dhufaatii gurbaa dammaqinaan eegdi. Akka ishiin of hindaganneweedduu armaan gadiitiin ishii didhu.

(19) Yaa kusaayee kusaayeen lattee

Kooraa hiiktuun machooftee raftee

Dhadhaa baksaa dhaqaa dammaqsaa

Ishiin dinnaan luqqeettuu cabsaa

Weedduun kun obboleettiin gurbaa osoo gurbaan fuudhee hingalin dura dhugaatii nama macheessu yoo dhugde machooftee rafuu dandeessi jedhamee waan sodaatamuuf dursanii sirba fakkeessanii ishii akeekkachiisu. Kanaaf yoo ati rafte luqqeettuu kee cabsina jechuun sodaachisu.

(20) Shu shuwwisee yaa shu shuwwisee

Kooraa hiiktuu fardi kuffisee

Yaa kuffisuu ishii luqqisee

As irratti immoo kooraa hiiktuun yoo machoofte maaltu akka ishii irra ga’u yeroo itti himan, yeroo ati kooraa hiikuu dhaqxu fardi sikuffisuu danda’a; nuti garuu dursinee waan sitti himneef si kuffisuu dhiisii yoo si luqqiseyyuu dhimma keenyaa miti yaada jedhu of keessaa qaba.

(21) Yaa abaaboo abaaboo randaa

Maaliin hiikuu gar-jalee fardaa

Boondii malee kan hiiktuun argaa

Weedduun kun immoo bara durii boondiin ykn qarshiin kudhan akka waan guddaatti waan lakkaa’amuuf, boondii malee garjalee fardaa hiiktee beekkadhu jechuun obboleettii gurbaa ittiin akeekkachiisu. Qarshii guddaa kennuun kunis kabaja obboleessi obboleettii isaatiif qabu agarsiisa.

Yeroo ammaa kana aanaa kana keessatti gaa’elli fardaa gara konkolaataatti jijjiiramaa waan dhufeef kooraa hiiktuun gar-jalee fardaa hiikuu osoo hintaane dursitee obboleessa simachuudhaan qarshii irraa fudhatti. Qarshiin kennamu kunis akka durii Boondii osoo hintaane Qarshii dhibba irraa kaasee akkuma qabeenya gurbaatti kennamaaf. Qorannoo qorattuu kanaa irrattis kooraa hiiktuun fardatti osoo hintaane konkolaataa misirroo fuuldura gortee darbuu dhoorkaa turte.




SUURAA 12 KOORAA HIIKTIIFI HIRMAATTOOTA WEEDDUU KOORAA HIIKTUU

#### 4.2.3.6 Qabiyyee Af-walaloo Weedduu Simannaa Kan Miinjee Ittiin Didhan

Misirroo dabaaludhaan cidha bareechuu irratti miinjeen ga’ee guddaa qaba. Kanaaf warri miinjee ta’an akkuma sadarkaa isaaniitti waan isaan irraa eegamu guutanii argamuu qabu. Sirbi armaan gadiis waan godhuu qabu miinjee yaadachiisa.

(22) Karaa yaayyaa yaa karaa yaayyaa

Shan tokkosii yaa miinjee waannaa

Bara egeree milkii kee laallaa

Yoo dhabdellee siif liqeeffannaa

Hawaasni Oromoo aanaa kanaa gammachuufi gadda isaa rasaasa dhukaasuun ibsata waan ta'eef miinjee tokkoffaadhaan yeroo shan dhukaasii gammachuu kee ibsi; yoo rasaasa dhabde illee siif liqeeffanna jechuun didhu. Ummanni kun waa hundatti milkii ilaallata waan ta'eef, milkiin kee gaarii ykn badaa ta'uusaa har'a osoo hintaane bara egeree ilaalla jedhuun. Kunis waggaa har'aa yoo intalli deesse milkii gaarii qabda; yoo ta'uu baate immoo milkiin kee gaarii miti jechuu isaaniiti.

(23) Lolokkosee yaa lolokkosee

Miinjee jechuun kan shan tokkosee

Shan tokkosnaan ilma dureechaa

Ishii dhabnaan atuu iyyeechaa

Jechi "lolokkosee" jedhu kan nama rasaasa walirratti daddabaluun dhukaasu ittiin faarsan yommuu ta'u, miinjee gurbaatiin miinjee jechuun kan shan dhukaaseedh; ati yoo shan dhukaaste ilma dureessaati, yoo ta'uu baate garuu ilma iyyeessaati jechuun akka inni dhukaasu kakaasu.



SUURAA 13 MIINJOLII GURBAA

### 4.2.4 Arrabsoo Mana Gurbaa

Yeroo hamaamonni gurbaa intala fuudhee qe'ee gurbaatiin ga'u dubartoonni sirba fakkeessanii intala arrabsu. Arrabsoo kana keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti.

#### 4.2.4.1 Arrabsoo Gocha Hawaasni Jibbu Ittiin Ceepha'an

(24) Shaashii naccii shaashittii naccii

Maal siin jettee si arrabsiee

Yaa obboo koo shaarmuxaan achii

Yaa abaaboo abaaboon lattee

Yaa obboo koo nagumaan galtee

Arrabsoon kun shaarmuxoota jechuun hiriyootaafi firoota intalaa arrabsu. Jarri kun akkuma isaan jedhan sagaagaltoota ta’anii osoo hintaane gochi sagaagalummaa hawaasa keessatti jibbamaa waan ta’eef warra gurbaa arrabsaa oolan haaloo ba’uuf jecha qofa arrabsu. Isaan dhaga’uu baataniyyuu intalli waan dhageessuuf aarsuuf jecha arrabsu. Gurbaadhaan immoo maaltu sirra ga’e, nagumaan galtee? Jechuun gaafatu.

#### 4.2.4.2. Arrabsoo Durbummaa Dhabuu

(25) Re’een dhaltee solloqqeen labdee

Niitiin obboo ulfa jedhanii

Moo yaa birrii gadalii galtee

Birriin teenyaa gadalii hingaltuu

Fidaa kottaa dhoqqee yaa hartuu

Maasaa gamaa hidda guursifnaa

Obboo keenyaa durba fuusifnaa

Akka maanguddoonni ibsanitti bara durii hawaasa kana biratti intalli heerumtu durbummaa yoo dhabde qaanii guddaadha. Kanaaf niitiin obboo ulfooftee waan dhufteef qarshiin nuti ittibaafne tasa lafatti bade waliin jedhu. Deebisaniitu immoo lakkii qarshiin keenya lafatti hinbaduu, yoo obboleessa keenyaaf haadha warraa ta’uu baatte hojjettuu keenya taasifanneetu dhoqqee mooraa keessaa harsiifnaa, maasaa keenya kan gamaa keessaas yeroo lafti qotamu akka hidda keessaa guurtu taasifnaa, obboleessa keenya garuu durba biraa fuusifna jechuun arrabsu.

Arrabsoon kun intala heerumtuuf qofa kan jedhamu osoo hintaane durba hinheerumne maraaf durbummaa dhabuun hawaasa keessatti akka nama qaanessu barumsa kennaaf.

(26)Yaa abaaboo yaa abaabashii

Mee asqabaa askoo miila ishii

Askoo dhabnaan gara warra ishii

Warruu hingalchuu yaa salphina ishii

As irratti misirrittiin kophee malee akka hin heerumne beekamaadha. Hawaasichi jechuu kan barbaadeefi ifatti dubbachuu kan safeeffate intalli durba ta’uu ishii booda ilaalla, yoo ta’uu baatte immoo gara warra ishiitti haadeebitu yaada jedhu of keessaa qaba. Akka maanguddoonni jedhanitti

amma haalli jijjiiramus dur intalli heerumtu durba ta'uu yoo baatte garafamtee huccuun bitameef irraa mulqamee salphina guddaan gara warra ishiitti deebiti ture.

#### 4.2.4.3. Arrabsoo Bifaafi Sanyii Intalaa Ittiin Arrabsan

(27) Loonan oofaa loonan ol oofaa
Hinbitte moo hinboojiteree
Okkotee tanaa
Okkoteellee okkotee bartuu
Asii hinbadduu yaa sanyii galtuu

Akka maanguddoonni kunjedhanitti Oromoon dur yeroo waraanaaf ba'u warra booji'aman fudhatee gala ture.Kanaaf intalittii tuffachuudhaan hinboojite moo qarshii keetiin bittee fidde jechuun gurbaa gaafatu. Arrabsoon kun intalittiin fokkistuu ta'uu ishii okkotee bartuun dhoofteen walfakkeessuun ibsu.

Okkoteen meeshaa boca nama hawwatu hiqabne yommuu taatu, kan bartuun dhoofte immoo sana caalaa jibbisiistuudha. Kanaaf haamilee intalaa gadi cabsuuf jecha dhaabbiin kee okkotee bartuun dhoofte fakkaata jedhuun. Sanyii intalaas yeroo arrabsan ati sanyii galtuu ykn kan abbaan arge ergatu waan taateef asii badi jechuun arrabsu.

#### 4.2.4.4. Arrabsoo Qulqullina Ofii Eeggachuu Dhabuu Ibsu

(28)Yaa dheedanii daarii suufanii
Shaashii obboo shittoo cuubanii
Shittoon sunuu shittoo suudanii
Kan micayyoo raaree cuubanii
Raareen sunuu raaree kuusanii

Arrabsoon kun immoo shittoo Sudaaniifi raaree kuufame walbira qabuun ittiin arrabsu. Uffanni obboleessa isaanii shittoo Sudaanii kan baay'ee urgaa'uun kan cuubameefi kan baay'ee urgaa'u yommuu ta'u, kan intalaa immoo raaree kuufamee ture keessa waan cuubameef kan baay'ee ajaa'u ta'uusaa ittiin ibsu. Yaanni kun kan dhugaa irraa fagaate ta'uu saa osoo beekanii ta'e jedhanii akkasumaan ishii aarsuuf jecha arrabsu.

(29) Hafaa guftee yaa hafaa guftee
Niitii obboo yaa funyaan kutee
Harkis cittoo miilas madooftee

Arrabsoon kun eenyummaa intalaa kan ittiin qeeqan yommuu ta, funyaan ishii kuteedha ykn fungaadha jechuun arrabsu. Hawaasa kana biratti funyaan qajeeluun akka mallatto bareedinaatti lakkaa'ama. Kana irratti immoo harkaafi miila ishii cittoon mammadeessee jira waliin jedhu. Cittoon mallattoo boosummaa waan ta'eef, tun harkaafi miila ishiiyyuu kan hindhiqanne waan taateef cittoon mammadeesse jechuun arrabsu. Gama biraatiin harkiifi miilli intalaa madaa'e jechuun isaanii hawaasa kana biratti dhibeen qurcii baay'ee jibbamaa waan ta'eef dhuguma madoofte osoo hintaane intala aarsuuf arrabsu.

Arrabsoon kun misirrittiis ta'ee warra dhaggeeffatan hundaaf cittaa'uun qaanii akka ta'eefi qulqullina ofii eeguunfi dursanii wal qorachuun barbaachisaa akka ta'e hubachiisa.

(30) Yaa akaayii kash kashee tanaa
Haati obboo donboshee tanaa
Kan micayyoo okkotee tanaa
Okkoteellee okkotee bartuu
Asii hinbadduu yaa sanyii galtuu

Haadha intalaas akkuma intala arrabsan okkotee bartuun dhoofte fakkaatti jechuun arrabsu. Haadha gurbaa immoo kan yeroo deemtu lafa guuttufi siimboo qabeettii ta'uu ishii ibsuun faarsu.

(31) Laaftoo gamaa mataan gad jedhee
Warra obboo garaan das jedhee
Kan micayyoo warri maal jedhe

Buufanni kun warri gurbaa cidha gurbaatti gammaduu isaanii kan ibsu yommuu ta'u, misirrichaan guyyaan kun siif guyyaa addaati jechuun faarsu. Warri intalaa garuu dhala ofii dabarsanii namaaf kennan waan ta'eef akka keenya gammadu moo nigaddu laata yaada jedhu of keessaa qaba.

#### 4.2.4.5 Qabiyyee Af-walaloo Weedduu Simannaa Erga Intalli Karra Ol Seentee weeddifamu

Intalli karra erga ol seenteen booda ni jajamti malee hin arrabsamtu. Kunis ummanni kun aadaa boonsaa dhala namaa kabajuu qabaachuu isaa agarsiisa. Osoo arrabsoon itti fufa ta'ee misirrittiin maatii ishee irraa adda baatee waan dhufteef irra caalaa garaan ishii hammaata ture. Kanaaf arrabsuu dhiisanii jajuufi eebbisuu jalqabu. Weedduu kanaaf fakkeenya kan ta'u armaan gaditti dhiyaatee jira.

(32)Yaa arrittaa hingoggoginii
Niitii obboo Yaa bareeda too

Askoo malee ol hinseeninii

Ol seentullee hin maseeninii

Arrittaan baala urgaa'u kan jaalalleewwan muranii waliif kennan yommuu ta'u, hinmaseenin jechuun isaanii hingoginii lati jechuu isaaniiti. Akkasuma intalaan niitii obboleessa keenyaa yaa bareeddittii too kophee askoo malee ol hinseenin jechuun isa duraan arrabsaa turan amma araarfachuu jalqabu. Yoo olseentellee hinmaseenin jechuun akka ishiin ijoollee deessu eebbisu.



**SUURAA 14 YEROO GURBAAN FUUDHEE MANA GA'U**

(33) Maasaan gamaa gaattiraa qabdii
Gaattiraallee gaattiraa xarbii
Niitiin obboo mudaayii qabdii
Mudaayiillee mudaayii warqii

Mudaayiin alalaa halluu adda addaa qabu irraa kan hodhamtu yommuu ta'u, gaafa cidhaa kan misirroon karameellaa itti naqattee herumtuudha. Kanaaf mudaayiin ishii warqqiirraa kan hojjatameedha jechuun jaju. Warri miinjees dhuma irratti karameellaa mudaayii keessa jiru itti facaasuufi shittoo itti biifuudhaan intala wajiin walitti araarsanii hariiroo isaanii cimsu.



**SUURAA 15 MUDAAYII MISIRRITTII**

### 4.3 Sadarkaa WeedduunWaarisiisaafi Arrabsoon Yeroo Ammaa Irratti Argamu

Akka maanguddoonni aanaa kanaa jedhnitti bara durii dargaggoonniifi shamarran mana cidhaatti walwaamuun waliin waarisiisu. Yoo waarisiisaa hiriyoota issaanii hafan gaafa kan isaanii namni isaaniif waarisiisu waan hinjirreef walirraa hin hafan ture.

Mana cidhaatiin alatti yeroo qoraan cabsan, yeroo horii eeganiifi bishaan obaasan, yeroo hodhaa hodhan, yeroo bishaan waraabuu laga bu'an, yeroo shurrubbaa waliif dhahan sirba cidhaafi arrabsoo walshaakalsiisuun guyyaa cidhaatiif of qopheessu ture. Haalli shaakallii isaanii kun kan namni ta'e jedhee isaan barsiisu osoo hintaane kan dhalootaa dhalootatti daddarbaa dhufeefi kan ofumaa walshaakalsiisaniidha.

Akka ragaa maanguddoota kana irraa argameetti weedduun waarisiisaa fi arrabsoon sababa babal'achuu amantaafi guddina teknooloojitiin walqabateen aanaa kana keessatti baduuf fiixee irra ga'ee jira. Bakka baay'eetti dargaggoonniifi shamarran yeroo waarisiisaa weedduufi arrabsoodhaan osoo hintaane faarfannaadhaan dabarsu.

Warii kaan immoo sirba ammayyaa warraabudhaan shubbisaa bulu. Weedduu waarisiisaafi arrabsoo akka duubatti hafuu ykn doofummaatti ilaalu. Ijoolleen yeroo umriin isaanii barumsaaf ga'u mana barumsaa galuun barnoota ammayyaa baratu malee aadaa naannoo isaanii hinbaratan. Kun immoo akka isaan aadaa isaanitiif ilaalcha gadi'aanaa horatanmiifi aadaa biraa caalchifatan isaan taasisee jira.

Aanaa kana keessa amantaaleen jiran amantaa Kiristaanaa, Musliimaafi Waaqeffataa yommuu ta'an akka ragaa Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Walmaraa irraa argameetti ummanni aanaa kanaa 99.5 kanta'u amantaa Kiristaanaa hordofa.

Yeroo ammaa kana amantaa Kiristtana Ortoodoksiis haata'u Pirooteestaantiin harki caalu weedduudhaan osoo hinta'iin faarfannaadhaan cidha gaggeessa. .Kanaaf baadiyyaatti darbee darbee sirni weedduu cidhaa argama malee arrabsoon magaalaattis, baadiyyaa keessattis guutumaa guututti hafe jechuun nidanda'ama.

Guddinni saayinsiifi teknooloojii hawaasa tokkoof bu'aa qabeessa ta'us dhaloonni haaraan aadaasaa dagatee kan biraa akka ofitti fudhatu waan taasisuuf aadaa ummataa jijjiiruu irratti dhiibbaa guddaa qaba. Yeroo ammaa kana dargaggoonniifi shamarran magaalaas haata'u baadiyyaatti yeroo barnootaatiin alattii meeshaalee teknooloojii kan akka mobaayiliifi televizhiiniitti fayyadamuun, "face book"fi fiilmii ilaalu malee weedduu cidhaa shaakaluuf yeroos fedhiis hinqaban.

Kana malees yeroo waarisiisaas ta'ee guyyaa cidhaa weedduu aadaa weeddisuu irra sirboota ammayyaa waraabame sirbisiisuun waliin shubbisuu filatu. Guyyoonni waarisiiaa dur torbee lama tures suutta suutaan gadi xiqqaachaa gara torbee tokkootti galeera. Innumti torbee tokkoos akka maanguddoonni kun jedhanitti gara guyyoota lamaa hanga tokkootti gadi xiqqaachaa dhufeera. Kanaaf aadaa bareedaan kun hammam gara badiitti siqaa akka jiru ifatti kan mul'atuudha.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaan kun qabxiilee sadi irratti xiyyeeffata. Isaanis guduunfaa, argannoofi yaboodha. Isaanis haala armaan gadiitti walduraa duubaan dhiyaatanii jiru.

## 5.1 Guduunfaa

Qorannoon mataduree xiinxala qabiyyee af-walaloo weedduu waarisiisaafi arrabsoo cidhaa jedhu, Oromoo Tuulamaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee Aanaa Walmaraa irratti gaggeeffamee jira. Kaayyoon qorannoo kanaas qabiyyee weedduu waarisiisaafi arrabsoo haala qabatama Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee Aanaa Walmaraatti xiinxaluun hirmaattota weedduu waarisiisaafi arrabsoo adda baasuun, hawaasummaa hirmattota weedduu waarisiisaafi arrabsoo gidduutti mul'atu ibsuun, dhaamsa weedduu waarisiisaafi arrabsoodhaan darbu eeruufi faayidaa weedduun waarisiisaafi arrabsoon hawaasaaf qabu addeessuun dhaloota dhufuuf barreeffamaan olkaa'uudha.

Gosti qorannoo kanaa aadaa ummatichaa jechaan kan qoratu waan ta'eef qorannoo akkamtaati. Malli iddattoon itti filatames mala iddatteessuu mit-carraafi iddatteessuu darbaa dabarsaatiin mana cidhaa sirna guutuu qabu iyyaafachuudhaan hirmaattota cidhaa irraa weedduu waarisiisaafi arrabsoo ilaalchisee odeeffannoon walitti qabame qaacceffamee hiikameera.

Kana malees maanguddoota aadaa naannoo sirriitti beekan darbaa dabarsaadhaan barbaaduun haala weedduun waarisiisaafi arrabsoon yeroo durii irra tureefi yeroo ammaa irra jiru odeeffannoon irraa fudhatamee qaacceffameera.s

Malleen odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa mala af-gaaffii, daawwannaafi marii gareetti fayyadamuun odeeffannoo walitti qabame hiikuun gaaffilee bu'uuraa irratti ibsi kennameera. Gaaffii bu'uuraa weedduu waarisiisaa fi arrabsoo keessatti eenyutu hirmaata? jedhuuf, hirmaattonni weedduu waarisiisaafi arrabsoo dargaggootaafi shamarran bultii hinijaarratin ta'uun isaa ibsameera.Yeroo waarisiisaa kan irratti hirmaatu saala lamaanuu yommuu ta'u guyyaa cidhaa garuu shamarraniifi dubartoota qofatu irratti hirmaata.

Gaaffii bu'uuraa isa lammaffaa, hawaasummaan hirmaattota weedduu waarisiisaafi arrabsoo gidduutti mul'atu maal fakkaata? jedhuuf ragaa hirmaattota irraa argame irraa ka'uudhaan dargaggootaafi shamarran kanneen gidduutti jaalalli uumamuun gaa'elaafillee walfilachuuf akka karaa saaqu, walsodaachuu akka gidduu isaanitii dhabamsiisu, hariiroo cimaa gidduu isaaniitti uumuun akka waliif yaadan taasisuun isaa ibsameera.

Gaaffii bu'uuraa sadaffaa, dhaamsi weedduu waarisiisaafi arrabsoodhaan darbu maal fa'i? jedhuuf, jaalala maatii, kan hiriyaafi hawaasa naannoo ibsuu, jajjabeessuu, komii ibsuu, gorsuu, barsiisuu, akeekkachiisuu, imaanaa kennachuufi eegsifachuu akka ofkeessaa qabu eerameera.s

Gaaffii bu’uuraa isa dhumaa faayidaan weedduun waarisiisaafi arrabsoon hawaasaaf qabu maali? Jedhuuf, gocha badaa hawaasa keessa jiru balaaleffachuun sirreessuu, safuu hawaasaa eegsisuu, tokkummaa hawaasaa cimsuu, hawaasni eeggattummaa irraa bilisa ta’ee hojjatee of danda’ee akka jiraatu gorsuu, gaa’elaan dura walqorachuun gaarii akka ta’eefi erga gaa’elatti seenanii booda of eeggannoo cimaa taasisuun barbaachisaa akka ta’e ummata hubachiisuun isaa Boqonnaa Afur keessatti qaacceffamee hiikameera.

Boqonnaa kana keessatti weedduun waarisiisaafi arrabsoon mana intalaatti kan yeroo waarisiisaa, kan guyyaa cidhaa, kan yeroo hamaamonni dhiyaatanii, kan yeroo ciibsaa ga’anii, kan yeroo olseenanii nyaata nyaatanii, kan yeroo intala fudhatanii deemanii walduraa duubaan xiinxalamanii hiikamaniiru. Weedduun mana gurbaas akkasuma kan yeroo waarisiisaa, kan gaggeessaa, kan gaggeessaan boodaa, kan simannaa, kan kooraa hiiktuufi kan miinjee jechuun qoqqoodamee qaacceffameera.

Walumaagalatti dhaamsiifi faayidaan weedduu waarisiisaafi arrabsoo yaada odeeffannoo kennitootaa irratti hundaa’uun bal’inaan qaacceffamee ibsi itti kennameera. Kanamalees dhaloonni haaraan sababa babal’acuu amantaafi teeknoloojiitiin aadaa isaa dagachaa akka dhufe, weedduun cidhaa gara faaruu amantaatti akkasumas gara sirbaafi daansii ammayyaatti jijjiiramaa dhufuun isaa eerameera.

## 5.2 Argannoo

Qorannoo kana jalatti odeeffannoon af-gaaffii, daawwannaafi marii gareetiin od-himtoota irraa argame boqonnaa afur jalatti xiinxalamee hiikni itti kennameera. Gaaffilee bu’uuraa boqonnaa tokko jalatti ka’an irratti hundaa’uun deebii argame irraa ka’uun argannoowwan armaan gadii dhiyaataniiru.

**1. Weedduu Waarisiisaafi Arrabsoo keessatti eenyuutu hirmaata?**

Weedduu waarisiisaafi arrabsoo Aanaa Walmaraatti cidhaaf torbeen tokko yeroo hafu irraa kaasee hanga guyyaa cidhaatti kan ittifufu yommuu ta’u hirmaattonni isaa:

- Mana intalaatti weedduu waarisiisaafi arrabsoo irratti kan argaman dargaggootaafi shamarran bultii hinijaarranneedha. Guyyaa cidhaa garuu shamarraniifi dubartoota qofatu irratti hirmaata.
- Mana gurbaatti weedduu waarisiisaa irratti kan argaman akkuma kan mana intalaa dargaggootaafi shamarran gaa’ela hinuummanneedha. Guyyaa cidhaa faaruu gaggeessaa, kan gaggeessaan boodaa, kan simannaa, kan kooraa hiiktuu, kan miinjeefi arrabsoo irratti kan hirmaatu shammarraniifi dubartoota fira gurbaa ta’aniidha. Arrabsoon mana gurbaa yeroo waarisiisaa osoo hintaane faaruu simannaatiin walmakee dhiyaata.

**2. Hawaasummaan Hirmaattota Weedduu Waarisiisaafi Arrabsoo gidduutti mul'atu maal fa'i?**

- Yeroo waarisiisaa mana intalaafi mana gurbaatti dargaggootaafi shamarran gidduutti walitti dhufeenyi uumamu: amala walii isaanii akka hubatan, walsodaachuun akka gidduu isaanitii dhabamu, akka waliif yaadan akkasumas gaa'elaaf walfilachuufillee karaa saaqa.

**3. Dhaamsi weedduu Waarisiisaafi Arrabsoon darbu maal fa'i?**

- Mana intalaatti dhaamsi weedduu yeroo waarisiisaafi guyyaa cidhaa jaalala maatii, kan hiriyaafi olla ibsuu, intala heerumtuufi maatii intalaa jajjabeessuu, intala heerumtu gorsuu, barsiisuufi waan ishii irra ga'uu danda'u dursanii itti himuun akeekkachiisuu, dhiibbaa hawaasaafi maatiidhaan dubartoota irra ga'u balaaleffachuufi komachuufi intala heerumtu namaafi Waaqatti imaanaa kennachuudha.
- Mana gurbaatti dhaamsi weedduu waarisiisaa jaalala dhiiraafi dubartii gidduu jiru kan ibsu yommuu ta'u, kan guyyaa cidhaa jajuu, eebbisuu, milkii gaarii hawwuu, akeekkachiisuu, jaalala maatii ibsuu, qeequu, didhuu fa'i.
- Arrabsoon mana intalaas ta'ee mana gurbaa gocha hawaasni hinbarbaanne kan akka hannaa, sagaagalummaa, hojii hiikuu qeequu, sanyiin walgituu dhabuu, hiyyummaa, bifa baduu, tuffachuufi abaaruun, gochaaleen gaarii ta'an immoo akka babal'atn hawaasa to'ata.

**4 Faayidaan Weedduu Waarisiisaafi Arrabsoo maali?**

- Weedduun waarisiisaafi arrabsoon faayidaalee hedduu qaba. Isaan keessaa qorannoo kana irraa kan hubatame tokkummaa hawaasaa cimsuun eeguu, duudhaafi safuun hawaasaa akka hincabne to'achuufi gochaalee safuu hawaasaa cabsan dhabamsiisuu, aadaa ummataa guddisuu, hawaasni eenyummaasaatti akka boonu taasisuufi dhaloonni haaraan ilaalcha, falaasamaafi beekumsa dhaloota darbanii akka dinqisiifatan taasisuudha.
- Akka qorannoo kana irraa hubatametti waliin waarisiisuun dargaggootaafi shamarranii kun faayidaa mataasaa qaba. Yeroon kun kan filatameef hojii kam irraayyuu bilisa waan ta'eef yaaddoo tokko malee akka waliin dabarsaniifi. Kanamalees yeroon kun dhiibbaa namoota gurguddaa irraa bilisa waan ta'eef hirmaattonni kun yeroo dheeraa waliin dabarsuun jireenya boriitiif hariiroo akka uummatan isaan gargaara.
- Arrabsoon mana intalaa yeroo intalli baatu arrabsamu, shamarran arrabsaniifi hamaamonni gurbaa akka hubatanii wal ilaalan taasisa. Gaafa intalliifi gurbaan hiriyootaafi miinjolii waliin deebi'anii dhufan waan waliin jedhanii wal arrabsan walitti kaasuun walitti kolfu. Kun immoo, irra caalaa hariiroo isaanii cimsuun warri gaa'ela hin uummatin akka wal kaadhimmatanillee godhuu danda'a.

- Weedduun waarisiisaafi arrabsoo aadaafi duudhaa ummata Oromoo cimsaa dhufe kun yeroo ammaa kana aanaa qorannoon keessatti gaggeeffame kana keessatti sababa babal’achuu amantaafi teknoloojiitiin baduuf qarqara ga’ee jira.

### 5.3 Yaboo

Gaa’ela kaadhimmatanii fuudhuu keessatti sirbi waarisiisaa fi arrabsoo waltajjii cidhaa ho’isuu irraa kaasee hanga safuu hawaasaa eegsisuutti bu’aa hedduu qaba. Kanaaf dhaloonni haaraan harki caalu waa’ee weedduu cidhaa hubannoo waan hinqabneef maatiifi qaamni dhimmi ilaallatu hundi akka hubachiisu yaanni furmaataa argannoo qorrannichaa bu’uureffachuun haala armaan gadiitti dhiyaatee jira.

- Waajjirri Aadaafi Turizimii Aanaa Walmaraa hawaasa keessa gadi bu’uun weedduun waarisiisaafi arrabsoo akka hindagatamne hubannoo osoo kennee gaariidha.
- Maanguddoonni aanaa kanaa hawaasni akka weedduu cidhaa hindaganne ummata osoo gorsanii.
- Waajjirri Aadaafi Tuurizimii Aanaa Walmaraa weedduu cidhaafi arrabsoo suur sagaleedhaan waraabee dhalootaaf osoo kaa’ee.
- Weedduun waarisiisaafi arrabsoo karaa hawwisoo aanaa Walmaraatiin bifa diraamaatiin osoo ummataaf dhiyaatee.
- Qorannoon kun yoo milkaa’e mana kitaabaa keessa godhamee barsiisonni afaan Oromoo afoola barsiisuuf osoo itti fayyadamanii.

## Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo.*Finfinnee: Mega Printing Press.

Alamaayyoo Haayilee. (1998). *Sirna Gadaa. Siyaasaa Oromoo Tuulamaa Jiildii Tokkoffaa*. Finfinnee: Mana Maxxansaa Biraanasalaam.

Alamaayyoo Faqqadaa. (2008). *Weedduu Gaa'ela Oromoo Aanaa Jaardagaa Jaartee*: Finfinnee.

Asaffaa Tafarraa. (2006) *"Marriage practices among the Gidda Oromo: North Wollega, Ethiopia"* In Journal of African stadies.

Beekan Gulummaa. (2011). *Dilbii: Bu'uura Afoola, Oga -afaaniifi Og-walaloo Oromoo.*

Finfinnee: Oromiyaa.

Ben Amos D. (1982). *Folklore in context*. New Delhi Adras: South Assian Publishers.

Berg.B.L. (2001). *Qualitative Research Methods for The Social Science (4th ed). London:* A Press on Education Company.

Bichaka Fayisa. (1996). *Aspect of Oromo culture endowments and their implication for economic development.* The Journals of Oromo studies .Vol.3 (1 and 2)

Biraanuu Maatewoos. (1999). *Fundamentals of Literature.* Addis Ababa: *University Press.*

Dafaa Jamoo. (1974). *Adaa Oromoo Wallaggaa*. Finfinnee: Mana Maxxansa Seentaraalii.

Dastaa Dassaalany. (2002). *Bu'uura Qorannoo.* Addis Ababa University: Dhaabbata Maxxansa Boolee.

Dorson, R. (1972). *Folklore and Folklife: an introduction*. Chicago: The University of Chicago.

Dundes A. (1965). *The Study of Folklore*. Berkley: Prentice Hall Inc.

Fedhasaa Taaddasaa. (2013). *Subii: Bu'uuraalee Og-barruu Oromoo.Fifinnee:* Subi Printing press.

Finnegan, R. (1970). *Oral Poetry: its nature and significance and context.* Cambridge: Cambridge University Press.

Gammachuu Baqqalaa. (2003). *A Study of Major Themes in Game Sellected Songs of Ilfinesh Kenno.* Unpublished MA Thesis, Addis Ababa University.

Georges, R.A and Jones, M.O. (1995). *Folkloristic: An introduction*. Bloomington and Indiana Polis: Indiana University Press.

Hayiluu Bantii. (1997). *Coraa Aadaa Oromoo Jimmaa.Oromiyaa*: Bole Printing enterprise.s

Hiikaa Faqqadaafi Alamituu Olii. (2010). *Seensa Afoolaa*. Jimma University. Kan hinmaxxanfamne.

Melakneh Mengistu. (2008). *Fundamentals Of Literature*. Addis Ababa: Comercial P.E.

Misgaanuu Gulummaa. (2011). *Dilbii: Bu'uura Afoola, Ogafaanifi Af-walaloo*. Finfinnee: Oromiyaa.

Okopehw, I. (1992). *African Oral Literature*. Bloomington and IndiyanaPolls: Indiyana University press.

Oring, E. (1986). *Folk group and folklore generes. An introduction logan Utaha*: Utaha university press.

Ramailan, Z. Mabatho. (2005). *An investigation of the potential role that folklore can play in environmental education.* South Africa: Western Cope University.

Richard, B. (1992). *Folklore cultural performances popular entertainment*. New York: Oxford university press.

Shawaayyeefi Fireehiwoot Tulluu. (1999). *Afoola Oromoo Tuulamaa*: Walaloo geerarsa, faaruuleefi sirboota adda addaa Jiildii II. Qajeelcha Qormaata Afaan Oromootiin Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaatti: Fifinnee.

Taganee Iwunatuu. (2007). *Xiinxala adeemsa raawwii kaadhimmatanii fuudhaafi heeruma Aanaa Daannoo*.Waraqaa Qorannoo (MA) Wallagga Yuniversity.

Victor.D. (2009). *Research Design and Methods for Studing culture*. New York: Altamira.

# DABALEEWWAN

## YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

## KOOLEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA,

## JOORNAALIZIMIIFI SABQUNNAMTII

## MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLORII

**DABALEE A**

**1 Af-gaaffii**

Gaaffiin afaanii Weedduu waarisiisaafi arrabsoo ilaalchisee haala qabatama Aanaa Walmaraatti hirmaattotaaf dhiyaatee jira.

Kaayyoon qorannoo kanaa barnoota Afaan Oromoo ogbarruufi fooklooriidhaan sagantaa gannaatiin digirii lammaffaa (MA) guuttachuuf mataduree “Xiinxala Qabiyyee Af-walaloo Weedduu Waarisiisaafi Arrabsoo cidha Oromoo Tuulamaa Godina Addaa Oromiyaa Naannawa Finfinnee Aanaa Walmaraa” jedhu irratti ragaa walitti qabachuuf gaaffilee armaan gadii bu’uura godhachuun odeeffannoon od-himtoota kana irraa argamu qorannoo gaggeeffamu guutuu akka taasisu amanama.Kanaaf od-himtoonni odeeffannoo dhugaafi amanamaa ta’e akka naaf kennitan kabajaanan isin gaafadha.

**I. Odeeffannoo Dimshaashaa**

Maqaa____________Umrii_______Saala___Hojii___________Bakka dhalootaa_____________

Godina________________Aanaa____________Sadarkaa barnootaa________Gaa’ela: kan fuudhe/ heerumte__________kan hinfuune/heerumne___________

**II. Odeeffannoo qorannichaa**

1. Weedduun waarisiisaafi arrabsoon yeroo kam gaggeefama?
2. Weedduu waarisiisaafi arrabsoo keessatti eenyuutu hirmaata?
3. Walitti dhufeenyi hirmaattota weedduu waarisiisaafi arrabsoo gidduu jiru maal fakkaata?>
4. Faayidaan weedduun waarisiisaafi arrabsoon hawaasaaf qabu maali?
5. Yeroo ammaa kana sadarkaan weedduun waarisiisaafi arrabsoon irra jiru maal fakkaata?
6. Sadarkaa baduurra jira yoo ta’e maaltu kana taasise?
7. Walaloo weedduu waarisiisaafi arrabsoo hamma beektu natti himi.

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**KOOLLEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA,**

**JOORNAALIZIMIIFI SABQUNNAMTII**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, HOGBARRUUFI FOOKLOORII**

**Dabalee B**

**2. Marii Garee**

**I. Odeeffannoo Dimshaashaa**

1. Maqaa____________________ Saala: Dhiira____ Dubartii___ Umrii______

Sadarkaa barnootaa_____________ Lak.________ Bibilaa_______________ Godina__________

Aanaa________ Ganda__________ Hojii________

Gaa'ela: kan fuudhe/heerumte_____________ kan hinfuune/ heerumne_______________

**II.Odeeffannoo Qorannichaa**

1. Weedduun waarisiisaafi arrabsoo Aanaa Walmaraa keessatti akkamitti dhiyaachaa ture?

2 Yeroo ammaahoo maal irra jira? Maaltu dhiibbaa irraan ga'aa jira?

3. Weedduun waarisiisaafi arrabsoon mana gurbaafi intalaa garaagarummaa akkamii qaba?

4. Weedduu waarisiisaafi arrabsoo keessatti eenyu faatu hirmaata?

5. Adeemsi weedduu waarisiisaafi arrabsoon keessa darbu maal fakkaata?

6. Walaloon weedduu waarisiisaafi arrabsoo maal faadha? Yoo yaadattan natti himaa.

7. Weedduun waarisiisaafi arrabsoon safuu hawaasaa eeguu irratti gahee akkamii qaba?

8. Weedduu waarisiisaafi arrabsoo ilaalchisee haala qabatama aanaa kanaatti yaanni hafe yoo jiraate ibsaa.

**Dabalee C.**

**3. Daawwannaa alaalaa**

| Lakk | Cheek liistii Daawwannaaf Qophaa’e | Guyyaa Daawwannaa |
|---|---|---|
| 1 | Adeemsa sirna raawwii gaa’elichaa daawwachuu | 24/5/2012 |
| 2 | Hirmaattota weedduu waarisiisaa fi arrabsoo daawwachuu | 23/5/2012 |
| 3 | Hirmaattota weedduu arrabsoo guyyaa cidhaa daawwachuu | 24/5/2012 |
| 4 | Adeemsa duraa duuba weedduu waarisiisaafi arrabsoo daawwachuu | 24/5/2012 |

**Dabalee D**

**4. Maqaa Odeeffannoo kennitoota Af-gaaffii**

| T.L | Maqaa odeeffannoo kenniitootaa | Saala | Umrii | Sadarkaa barnootaa | Ganda | Guyyaa |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Mangistuu Kumsaa | Dhi | 22 | 10 | Gabaa Roobii | 23/5/2012 |
| 2 | Daani’eel Abbabaa | Dhi | 25 | Level 4 | Gabaa Roobii | 23/5/2012 |
| 3 | Maartaa Qananii | Du | 18 | 12 | Gabaa Roobii | 23/5/2012 |
| 4 | Xilaahuun Damissee | Dhi | 23 | 10 | Gabaa Roobii | 23/5/2012 |
| 5 | Ayiinaalam Laggasaa | Du | 18 | 7 | Gabaa Roobii | 24/5/2012 |
| 6 | Tigiist Asheetuu | Du | 18 | 6 | Gabaa Roobii | 24/5/2012 |
| 7 | Daansee Maracii | Du | 35 | Dipp. | Birbirsa Siibaa | 24/5/2012 |

**Dabalee E**

**5. Maqaa Odeeffannoo kennitoota marii garee**

| T.L | Maqaa odeeffannoo kenniitootaa | Saala | Umrii | Sadarkaa barnootaa | Ganda | Guyyaa |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Taarikuu Dureechaa | Dhi | 65 | ----- | Galgal Kuyyuu | 16/5/2012 |
| 2 | Taaddasaa Dagafuu | Dhi | 75 | Dipp. | Galgal Kuyyuu | 16/5/2012 |
| 3 | Kumsaa Urgaa | Dhi | 45 | 7 | Gabaa Roobii | 16/5/2012 |
| 4 | Loomii Bushuu | Du | 70 | ----- | Talacoo | 20/5/2012 |

**Dabalee F**

**6. Suuraa namoota odeeffannoon Af-gaaffiin irraa funaaname**



**Dabalee G**

**7. Suuraa namoota marii gareetiin odeeffannoon iraa funaaname**





## Dabalee H

## Suuraa hirmaattoota weedduu mana gurbaa





## Ibsa (Declaration)

Ani qorattuun maqaafi mallatoon koo armaan gadiitti eerame qorannoon kun hojii koo ta'uusaafi kanaan duras yuunivarsiitii kamiiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta'uusaa akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbisee haala seera qabeessa ta'een wabii keessattii kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa___________________________________

Mallatoo_________________________________

Guyyaa__________________________________

Brattuun Dirribee Bayeechaa waraqaa qorannoo ishee haala seera qorannoo eegeen qopheessitee dhiyeessii/defence taasisuun muummeef galachuu danda'uu ishee ani gorsaan mallattoo kotiin mirkaneesseera.

Maqaa gorsaa___________________________________

Mallatoo_________________________________

Guyyaa__________________________________